

GOCHA DHALOOTA BARA DHUMAA

BARREESSAAN SAAMU'EEL ASFAWUU AMANUU

Bara 2012/2019

GOCHA DHALOOTA BARA DHUMAA

Mirgi barreessaa seeraan eegamaadha.

Gulaaltonni – B/sa Tashoomee Mul’ata (BA)

- Obbo Eliyaas Dheeressaa
- Dr Gaaddisaa Mulaatuu (Md)
- Dr Ittafaa Zawudee (Md)

Lakk. Bilbilaa 0917623612/0928604570

Email:- samuelasfaw710@gmail.com

Mata duree

Fuula

Baafata

Dursa	5
Galata.....	6
Seensa.....	7
Dhaamsa.....	9

Boqonnaa Tokkoo

1. GOCHA DHALOOTAA BARA DHUMAA.....	11
1.1. Baroota Kitaaba Qulqulluu Keessaa.....	12
1.2. Dhaloota Bara Dhumaa.....	19
1.3. Gocha Dhaloota Bara Dhumaa.....	20
1.4. Amalootaa Fi Hojii Baroota Kana Dhaloota Irraa Argaman.....	22
1.5. Dhaloota Hojii fi Amalaan Saree Fakkaate.....	25

Boqonnaa lama

2. GOCHAA FI AMALA WAAQAYYOO DHALOOTAA IRRATTI JIBBEE.....	40
2.1. Dhalli Namaa Gocha Gadhee Sareenillee hin Dalagne Raawwachuu.....	40
2.1.1. Wal gadhoomsuu.....	40
2.1.2. Gaa'eela saala wal fakkaata gidduutti godhamuu.....	43
2.2. Saala Geeddarachuu /Transgender/.....	45
2.3. Gaa'eela Namaaf Saree ykn Bineensa Gidduutti Raawwatamu	46
2.4. Pornoogiraafii /fakkii/ walquunnamtii saala.....	47

2.5. Ulfa baasu.....	49
Boqonnaa sadii	
3.TEKINOLOOJII.....	51
3.1. Bu’aa Tekinooloojii.....	52
3.2. Miidhaa Tekinooloojii.....	54
3.3. Tekinooloojiin Akkamitti Nama Miidha.....	55
3.4.Kufaatii Guddina Fakkaate.....	58
3.5. Mallattoon 666 Mul’achaa Jiraachuu.....	65
3.6. Wantoota Ittiin Kiristaanotni Biyya Lafaa Ykn Bara Dhumaa Kana Mo’uu Dandaa’an.....	69

Dursa

Kitaaba Gocha Dhaloota bara dhumaa kan jedhu kana barreessuuf kan na kakaase Waaqayyo isa tokkicha, waan hundumaa uumee, tokkicha ilma isaa dabarsee biyya lafaaf kenneedha. kana irraa ka'uudhaan kitaabota addaa addaa: Kitaaba qulqulluu, kitaabolee biraafi barruulee gara garii akkasumas barumsa addaa addaa kan Kitaaba Qulqulluus ta'e kitaabota barnoota idilee irraa kanan hubadhe cuunfee dhalootaf qooduuf qabadhee dhiyaadheera.

Akkas jedhama mitiiree, "Beekumsa isa guutuu caalaa ishee guuttee irraa cobdutu nama fayyada." jedhan sana anis dhalootaaf kana gumaachuu fedheera.

Gocha dhaloota bara dhumaa kitaabni jedhu kun egaa akka salphaatti hin argamne. Itti yaadamee, irratti kadhatameeti malee. Akka salphaatti sooromuun ni dandaa'ama ta'a. Yaada ofii namoota hedduu biraan gaa'achuun akka sana hin salphatu.

Galata

Waan hundumaa dura Waaqayyoon Gooftaa maccaa isa humnaafi jabina, hubannaafi beekumsa, dandeettii, jalqabaa fi xumura koo ta'ee karaa hundumaa na bira dhaabbatee nama kanaa na godheef galanni koo onnee irraa maddu yeroo hundumaa irraa hafaadha.

Itti aansuudhaan, namoota karaa adda addaa fiixaan ba'umsa kitaaba kanaaf na duukaa dadhaban, yaadaa fi kadhataan akkasuma illee gulaaluun jalqabaa hanga dhumaatti na cina dhaabbataniif galatnikoo guddaadha.

Dhuma irratti maatiikoo natti dadhabanii barnoota idilee na barsiisaan akkasuma illee sodaa fi dubbii Waaqayyootti akkan guddadhuuf karaa hundumaa na cina dhaabbachuun nama akkasii akkan ta'u kan na godhan Waaqaa gaditti **Abbaakoo Hojjetaa Wangeela Asfawu Amanuu** fi **Haadha koo Roobee Qana'aa** tiif galannikoo galaana. Obboleessa koo Dani'eel Sitoota Laptop na ergisuun kan na gargaare osoon hin galateeffattin darbuu hin barbaadu. Itti dabalaan Tajaajiltoota fi Amantoota GWG Mandiif galatni koo guddaadha. Kun bu'aa hojii koo qofa osoo hin taane kan keessanis.

Seensa

“Yeroo itti dura amanne caalaas amma guyyaan fayyinaa waan nutti dhiyaateef, yeroon kun yeroo itti hirribaa dammaquun isin irra jiru ta’uu isaa beekaa. Halkanichi sokkee guyyichi dhi’aateera, kanaafis kottaa hojii dukkana keessa hojjetamu of irraa fuunee gannee, mi’a lolaa isa ifa keessa ittiin hojjetan in hidhannaa !. *Rom13:11-12*”

Sagaleen Waaqayyoo barri nuti keessa jirru isa dabarsine caalaa bara dhumaa akka ta’e ifaa ifatti dubbata, Rom13 irratti akkuma amma, “...halkanichi sokkee ifichi dhiyaate...” jedhu sanatti.

Halkanni kun maalidha laata? Isa nuti galgala rafnuudhaa? Miti. Akka Kitaabni Qulqulluun dubbatutti halkanni kun biyya lafaa akka ta’e, biyyi lafaa kunis sokkaa akka jirtu ykn gara xumuraarra akka geese, akkasuma ifichi Gooftaa keenya Yesuus Kiristoos akka ta’ee fi dhufaatiin isaas akka dhiyaate dubbata.

Kitaabni qulqulluun inni sagalee waaqayyoo ta’e akkuma olitti dubbifanne yeroo isa dura amanne caalaa yeroon kun yeroo itti dammaquudha. Maaliif dammaqnaa? Barichi bara dhumaa waan ta’eef, dhufaatiin ilma namaas waan dhiyaateef kiristoosiin simachuufidhaaf dammaqna.

Wangeelli<<yeroo isa dur amanne caalaa dammaqaa.>> sababa jedhuuf, anis barichi bara dhumaa akka ta’e dhaloota yaadachiisuuf dirqame. Kanaaf barrikun bara dhumaati, bara dhumaa kanatti immookitaabnii qulqulluun akkamitti akka jiraannu ykn hojjennu nutti dubbateera. Mee dhaloonni bara dhumaa kun immoo akka kitaabni qulqulluun jedhutti hojjechaa jiraa laata?Dhaloonni maal akka hojjechaa jiru baruu ni barbaaddaa ?

Mee na hordofi....

Dhaamsa

Dursa kitaabni kun boqonnaa gurguddaa 3 fi mata dureewwan xixiqqoo of keessaa akka qabu hubadhu.

Yaadaa fi mul'ata Waaqayyo na keessa kaa'e kana hubachuuf guutummaa kitaaba kanaa dubbisuun murteessaadha. Sababni isaas wanta boqonnaa 1 keessatti gaaffii sitti ta'e boqonnaa 2 fi 3 keessatti sii galuu waan danda'uuf.

Itti dabalee ergaa kitaaba kanaa hubachuuf jalqabaa kaate hanga dhumaatti dubbisuun murteessaadha.

Yeroo dubbistu immoo kitaaba qulqulluu wajjin wal bira qabuun dhugummaa jechootaa fi yaadota kanaa mirkaneeffachaa adeemi, itti yaaduun yeroo muraasa aarsaa godhii, waanta dubbiste kana hiika /ergaa/ sirrii argachuu kee hubadhu. duraa duuba boqonnichaan hordofii dubbisi.

Dhuma irratti namoonni kitaaba kana dubbisan jireenya isaanii irratti jijjiiramni akka dhufuu fi qalbiin isaanii akka banamuuf yeroo hundaa kadhata kooti.

Yaada naaf kennuuf ykn gaaffiif yoo naquunnamuu barbaaddan:

E-mail fi lakkoofsa bilbilaa jalqaba fuula kitaaba kanaa irra jiruun na quunnamuu dandeessu.

Dubbisa gaarii.....

BOQONNAA 1

GOCHA DHALOOTA BARA DHUMAA

Kitaabni Qulqulluun waa'ee bara dhumaa ni dubbata. Bara dhumaa jennee yeroo dubbannu jalqabnii fi giddu–galeessi akka jiru beekamaadha. Kitaabni qulqulluu keessatti baroota addaa addaatu jira. Sagaleen waaqayyoo akkas jedha, “Waaqayyo jalqabatti bantiiwwan waaqaa fi lafa uumee. Lafti bifa hin qabdu onaas turte.”**UMA1:1-2.** Erga lafiifi waaqni uumamee booddee ifnii fi dukkanni akkasuma illee wantootni nama barbaachisan ykn wantootni nuti har'a ittiin jiraannu kun hundinuu uumaman. uumama hundumaa keessaa namni booddee / xumura/ irratti akka uumame beekamaadha. Waaqayyo wantoota jireenya keenyaaf barbaachisu hundumaa dursee erga qopheesseen booda nama uume. Uma 1:25-31

Haa ta'u malee namni kana gadi fageenyaan waan hubate hin fakkaatu. Sababnii isaas namaafi kaayyoo Waaqayyootu wal jife /dhabe/.Seera Uumamaairratti Waaqayyo waan dhala namaaf barbaachisu hundumaa dursee erga uumee booda nama uumee kanatti fayyadamaa jedhe.Kaayyoon kana gochuu Waaqayyoo inni olaanaan namni jireenya yaaddoo keessa akka hin galleefidha.

Dhalli namaa jiraachuuf wantoota baay'een akka barbaachisu beekamaadha. Keessattu kanneen fedhii bu'uura jedhaman:mana jireenyaa, soorataa fi uffatni dhala namaatif baayyee murteessoodha. Kanaaf Waaqayyo akka dhalli namaa maalin nyaadha, maalin uffadha fi kkf jedhee hin dhiphannetti waan nama barbaachisu hundumaa dursee qopheesse.

*Ergasii Yesuus bartoota isaatiin, Kanaafis isinittan hima jireenya keessaniif waan nyaattaniif, yookiis dhagna keessanitti waan nyaattaniif hin yaadda'inaa! Jireenyi nyaata irra guddaa in caala,dhagnis uffata irra guddaa in caala. Qurruu ilaalaa, hin facaasan, hin haamanis, gombisaa hin qaban gumbiis garuu waaqayyo isaan in soora, isin immoo allaattii irra guddaa in caaltu.Isin keessaa.....**Luq12:22-31.***

Iddoo kanatti gooftaan waan nyaattaniif waan dhugdaniif hin yaadda'inaajedhee dubbata. Gara dhuma sagalee kanaa irratti jecha dagatamuu hin qabnee fi yeroo hundumaa, namni hundumtuukan itti yaaduu qabnu fihojii guyyaa goonee jireenya keenya keessa kaawwachu qabnu argina. Innis <<**Duraan dursitanii yaada keessan mootummaa isaa barbaaduutti hidhaa! Kana malees kan barbaachisu hundinuu immoo isiniif in kennama.**>>jedhe. kan jedhudha **Luq 12:31**

Sagalee kana irraa wanti guddaan nuti hubannu jireenya lafa kana irraa warra yaada isaanii mootummaa Waaqayyootti hidhataniif dabalata akka ta'e nama ifeefiif ni gala. Garuu namoonni isa barbaadamuu qabu dhiisanii isa itti dabalamu waan barbaadaniif waan yaadan akka salphaatti argachuu hin dandeenye.

1.1 Baroota Macaafa Qulqulluu Keessatti Argaman

1. Bara jannataa

Bara jannataa kan jennu bara uumamni hunduu itti uumamee, Addaamii fi Heewwan jannata keessa jiraachaa turaniidha. Uumamuu Addaamii fi Hewwaanii kaasee hanga gaafa cubbuutti kufanii waaqayyoo achii keessaa isaan baaseetti bara jannataa jedhama. Bara kana keessa dadhabbiin, dafqanii dafqa ofii nyaachu fi kkf hin jiru. **Uma 2:8-17**

2. Bara Dadhabbii

Bara jennetaa jechuun uumama waan hundumaa of keessatti kan qabatu akka ta'e ilaalleerra. Bara dadhabbii kan jennu kun akkamitti jalqabe? Bara dadhabbii kana immo waaqayyoomatu siluma nama rakkisuuf karoorse kaa'emoo maaf akkas jedhame? Waaqayyoo gaafa nama uumee wantoota dhalii namaa ittiin jiraatu hundumaa akka uume ilaalleerra. Haa ta'u malee, Waaqayyoo mukkeetii hedduu kan nyaatamanii jireenya namaaf kennan akkuma uume, mukti yoo irraa nyaatan nama ajjeesufi hamaafi gaarii addaan baasani beekan tokko iddoo dhaaba sana gidduu dhaabee akkas jedhe, <<Isaan kana hundumaa irraa nyaadhaa. Garuu isa gidduu jiru tokkicha kana irraa hin nyaatinaa. Isarraa yoo nyaattan dhugumaan hin duutu jedhee.>> **Akka namni gadhiisiitti hin jiraannef, isaaf abboomamu ilaaluuf** jedhee Waaqayyoo abboommi kana isaanitti kenne. Addaamiifi Hewwaan garuu jecha Waaqayyoo dhaga'uu dadhabuudhaan, kan seexanaa ykn kan bofaa waan caalchifataniif isa Waaqayyoo irraa hin nyaatinaa jedhee isaan abboome sana dagatanii irraa nyaachuun jireenya dadhabbii keessa of galchan. Kanaaf barri dadhabbii akkasitti eegale malee nama dadhabsiisuun karoora Waaqayyoo hin ture.

Addaamii fi Hewwaan jannata keessaa erga ba'anii booda dadhabbiidhaan akka namni jiraatu waaqayyo itti mure. Barri kun bara itti qotanii nyaachuunii fi dhalli namaa dalagaa addaa addaa hojjechuu itti jalqabeedha.

Waaqayyo amma immoo namichaana, "Ati dubbii haadha manaa keetii waan dhageesseef ija mukichaa isa ani 'hin nyaatin' jedhee si abboomes waan nyaatteef, lafti sababii keetiif abaaramaa in ta'a, atis bara jireenya kee hundumaatti itti dadhabdee isa irraa in nyaatta..." Uma3:17

- ❖ kanaaf barri kun bara jennataa, bara waggaa 1000 fi bara mootumma bara baraa irraa kan hafe bara hunda ni hammata.

3. Bara Nohii

Barri kun bara cubbuun namaa ol ka'ee fi namni manca'ee fuudhaa fi heerumaan namootni waaqa irraa fi lafa irraa wal makaniidha.

Yeroo namoonni biyya lafaa irratti baay'achuu jalqabanitti durboonnis yeroo dhalataniifitti, warri waaqa irraa ilmaan waaqayyoo jedhaman, durboonni namoota mimmiidhagoo akka ta'an arganii isaan keessaa akkuma fo'atanitti fuudhanii haadha manaa godhatan. **Uma6:1-2**

Barri kun bara cubbuun namaa daanga darbee namni sagalee waaqayyoo irratti baacu, gaayisuu fi wantoota addaa addaatis sagalee waaqayyoo salphisuu jalqabeedha. Kanarraan kan ka'ee garaan waaqayyoo itti gadde namootni sun hundii No'i fi maati isaa irraan kan hafe bishaan badiisan lafarra darban.

4. Bara Abbootaa

Barri kun bara dhalli namaa waaqa irraa adda ba'ee waaqa tolfamaa ofii isaaf hojjetatee itti sagadu ture. Barri kun baratti namni Waaqayyoon dhaga'u dhibeedha. Yeroon kun yeroo Waaqayyooseera namni ittiin jiraatu sammuu dhala namaa keessa kaa'eedha. Akkas jechuun, waanta Waaqayyoisaan irraa barbaaduu fi hin barbaadne sammuu isaanii itti beekuu fi yoo waanta Waaqayyotti hin tolle ykn cubbuu hojjetan sammuu isaaniikan isaan ceepha'uudha. kanaaf cheephoo sammuu bara isaan itti jiraatan ture. Barri

kun hundinuu amma darbaniiru. Bara akkanaa kana keessa Waaqayyo Abiraamiin argate.

Barri abbootaa bara Abrihaam waamamee kaasee hanga tulluu siinaatti. Uma12:1- kaasee hanga Ba'u19:20 Ba'u20:1

5. Bara seeraa

Tulluu Siinaadhaa jalqabee hanga golgootatti ykn hanga Kiristoos fannifameetti bara seeraa jedhama. Ba'u20:1

Barri kun bara Abboommiin kurnan museetti kennameedha. Yeroonkun yeroo itti namni seera eeguudhaan eebba lafarraa dhaaluudha. Kana jechuun bara nama waa balleesse, nama seera kana irra darbe battalumatti yeroo murtoo irratti fudhatan ture. Fknf nama ejja irratti yoo qaban yerooma sana dhagaadhaan rukutanii ajjeesu, nama ija namaa jaamse ija isaa jaamsuu fi walumaa galatti bara itti namni waan hojjeteef yeroosuma murtoo isaa argatuudha.

Kanaafuu barri kun kan inni ittiin beekamu bara araarri hin jirreedha. Seerri kunis namaoolchuu ykn baraaru hin dandeenye. Kanaaf Waaqayyo nama fayyisuuf maal gochuu akka qabu karoorse murteesse Innis maali laata ?

6. Bara dukkanaa

Bara dukkana kan jennu bara Waaqayyoo dhala namaatti dubbachuu dhiisedha. akka namootni tokko tokko jedhanitti lakkoobsan wagga dhibba afur hanga dhibba afuriif shantama (400-450) ta'a jedhu. Baroonni kun kakuu moofaaf kakuu haraa gidduutti kan argamuudha. Gochootni yeroo sana godhaman amma har'aatti dogogoggorsa ta'e dhaloota hedduu dogoggorsa kan tureefidoggorsaa kan jiruudha. Inniskitaaba qulqulluutti (kitaabolee 66 nitti) dabalatani kan namoonni adda addaa ykn dhaabbatni amantaa garaa garaa itti fayyadamaa jiran kan barreeffame baroota kana keessa akka ta'e maddootni adda addaa ni heeruu. Dhugaan jiru garuu baroota kana keessa waaqayyoo bara inni dhala namaatti dubbacha hin jirree waan ta'ef kitaabotni baroota kana keessa barreeffaman hundi yaadaa fi sagalee Waaqayyoo akka

hin taane hubachuudha. Akkamitti sagalee Waaqayyoo akka hin taane beekuu dandeenya.

- a. Gooftaan Iyyeesuus kitaabota sana keessaa fudhate itti hin fayyadamne.
- b. Bartootni Gooftaas Kitaabota barasana barreeffaman sanatti hin fayyadamne.
- c. Waldaan kiristaanaas Kitaabota yeroo sana barreeffaman hin fayyadamne.
- d. Jireenya qannoo bara baraatti galuuf hammi katabaman qofti ga'oodha. Yoh20.31

7. Bara araaraa

Bara golgootaa jalqabee hanga har'aatti bara Araaraa ykn Bara waldaa kiristaanaa jedhama. **Luq23:45 1Xim1:13-16**

Bara araaraa ykn bara waldaa kiristaanaa inni jedhamu kun bara amma keessa jirruudha. Waaqayyo dhala namaa fayyisuudhaaf ykn gara bakka inni keessaa ba'e mootumma isaatti deebisuuf wantoota addaa addaa godheera. Fknf seera kenneerakun nama fayyisuu hin dandeenye, raajota gurguddoo hedduu kaaseera kannen akka musee, Eliyaas, Isaayyaasfaa kaaseera. Isaanis dhala namaa fayyisuu fi bakka inni keessaa ba'e mootummaa Waaqayyootti deebisuu hin dandeenye.

Kanaaf Waaqayyo tokkicha ilma isaa ergee isatti kanamane hunduu akka fayyu godhe. Waaqayyo akkasitti tokkicha ilma isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallate; kun immoo isatti kan amanu jireenya bara baraa haa qabaatuf malee haa baduuf miti. **Yoh3:16**. Akkasitti bara araaraa nuuf ta'e. Barri kun bara araaraati. Kun hundumtuu Waaqayyo isa karaa kiristos ofitti nu araarsuu isaa kanas namootatti akka dabarsinuuf nuuf kenne. Kunis Waaqayyo irra daddarbaa namootaa itti lakkaa'uu dhiisee, karaa kiristos biyya lafaa ofitti araarse jechuu dha; ergaa araara isaa kana immoo hadaraa nutty kenne. **2Qor5:18-19**. Bara kana akka salphaatti arganne miti. Gatii guddaatu nutti ba'edhiigaan arganne.

8. Bara dhiphina Waggaa 7

Gooftaan waldaa kiristaanaa erga ol butatee booda bara dhiphinaatu itti fufa. Dhiphina guddaa waggaa 7 jechuudha. Bara dhiphinaa yeroo jedhamu waanuma salphaa nutti fakkaachuu dandaa'a ta'a. Garuu dhiphinni yeroo sana ta'uuf jiru hamma haar'aatti biyya lafaa irratti ta'ee kan hin beekneedha. Bara sana amantii waan jedhamu biyya lafaarra hin jiru. Sababni isaas warri amanan kiristoosii wajjin ol gara waaqaatti waan butamaniif.

Waa'ee dhiphina guyyaa sanaa gooftaan gaafa dubbatu akkas jedha....

Garuu dubartoota ulfaa fi warra hoosisaniif guyyoonni sun attam sodaachisoodha..... mat 24:19

Yommus inni anatti dubbachaa ture, Yeroo sanatti mikaa'el ergamaa inni guddichi ijoollee saba keef dhaabatu in ka'a: yeroon rakkinaas in ta'a; sanyiin rakkinichaas erga sabni jiraachuutti ka'ee jalqabee, hamma bara sanaatti argamee kan hin beekne in ta'a:.... **Dan12:1**

Yommus rakkinni guddaan ta'uuf jira; rakkinni akkasiis jalqaba biyya lafaati jalqabee hamma ammaatti hin taane, deebi'ees hin ta'u. mat24:21

9. Bara waggaa 1000

Qulqulloonni waggaa 7 waaqa irra turanii dhiphinni waggaa 7 erga raawwatee booda bara waggaa 1000tu itti fufa. Bara kana keessatti Yesuus Kiristoos fuulaa fuulatti dhufee mootii ta'ee waggaa kuma tokkof (1000) biyya lafaa kana guutummaa ishee bulcha. Yeroo kana namniif bineensi, beelladiif bineensi waanti hundumtuu wal keessa jiraatu walitti hin bu'an. Yesuus mootii nagaa inni ta'e bulchaa waan jiruuf waanti hundumtuu nagaa ta'a. Mi'i waraanaa ammaa kun hundi isaa yeroos mi'a hojiitti deebi'a.

Mootummaa waggaa kumaa keessa namoota gosa lamatu jira

Gosti 1ffaan warra kiriiistoos duukaa waggaa torbaaf (7) waaqarra turanii badhaasa addaa addaa fudhachaa turan warra butamuu jalqaba keessaa

argataniidha. Isaan kun qaama jijjiiramaa qaama waaqarraatiin jiraatu. Warrooti akkasii kun baallee baasanii barrisu. Galaanni, tulluun, manni cufaanii fi kkfn isaan dhorkuu hin danda’u. Barrisanii bakka garaa isaanii ga’anii deebi’u. Kanaaf konkolaataa, doonii xiyyaara yaabuu isaan hin barbaachisu.

Gosti 2ffaan warra gidiraa guddicha waggaa torbaa keessa bifa addaa addaatin bosonatti baqachuun baala mukaa nyaatanii, hallayyaa (boolla) addaa addaatti baqachuun kan bineensicha jalaa hafantu qaamuma Addaamummaa ykn qaama foonummaa kanaan kan jiraatantu jiru. Isaan kun wal fuudhu, walitti heerumu. Akka warra qaama jijjiiramaan jiranii sanatti bakka yaadan ga’u waan hin dandeenyeef gargaarsa konkoolaataa, xiyyaaraa fi doonii isaan barbaachisa.

Gidiraa guddicha waggaa torbaa keessa akkaataa addaa addaan keessumaa bosonatti galanii mallattoo sana (666) fudhachuu didanii baalaa fi ija mukeenii nyaatanii kan hafanii fi qalaman kan fayyaan illee ni jiru. **Mul20:4.** Guyyaa sanatti fayyinni fi badiisni ykn duuti kan ta’u mallattoo sana fudhachuu fi fudhachuu dhiisuu irraani.

Warri mallattoo sana fudhate kan Seexanichaa ta’u. Warri mallattoo sana didan garuu kan Waaqayyoo ta’u. Mallattoo sana didanii jiraachuuf hiyyama hin qaban. Yoo argaman akka fudhataniif dirqisiifamu. Yoo didan mormatu irra cita. Kanaaf filanno isaan qaban qalamu yookaan immoo biyya keessaa naannoo keessaa hawwaasa keessaa baqatani bakka namni isaan hin argine hallayyaa addaa addaatti galuudha.

10. Bara mootummaa bara baraa ykn lafa haaraa fi Waaqa haaraa.

Kiristoos erga waaggaa 1000f moo’ee booda dhalootni bara waggaa kuma tokkoo(1000) keessatti dhalatan Seexanichi sammuu isaani qabata. Isaa booda dhalootni sun, <<Akkamitti Yesuus Kiristoos inni jedhamu kun waggaa

amma kana dheeratu (1000) cal jedhee nu bulchaa?>> jedhani Yesuus irratti lola banuuf wal ijaaru. Yeroo sana abiddii Waaqa keessaa ba'e dhaloota hamoo Seexanni yaada garaa isaani argatee fi seexana sana xaph isaan godha. **Mul20:7-10** Isa booda Firdii adiin dhaabbatee qulqullootni gara jireenya bara baraatti kan ittiin darbinuudha. **Mul20:11-15**

Mootummaan bara baraa uumamuu biyya lafaa duraa kaastee kan warra qulqullootaf harka Waaqayyoon qophooftedha. Bakki kun bakka bara baraan qulqullootni itti boqotanii fi bakka itti qulqulloonni Waaqayyoo isaani ilaala waaqessaniidha.

1.2 Dhaloota Bara Dhumaa

Waaqa isa jiraataan ala wanti hundumtuu jalqabaa fi dhuma qaba.

Waa'ee dhaloota bara dhumaa macaafni qulqulluun ni dubbataa? Eeyyen ni dubbata. **Mat24:12** **2Xim3:1-5** Dhalootni bara dhumaa kun jaalalli kan itti hir'ate, kan of jaallatan, kan hin abboomamne, waan hundumaa kan jaallatan, jireenya halalummaa kan jiraatan, Waaqayyoonis namas kan hin sodaatne, waan sammun isaanii isaan abboome kan hojjetanii fi yaada mataa isaanii ykn karaa mataa isaanii duukaa kan bu'an akka ta'u caaffatni qulqulluun ni dubbata.

- Yaada mataa isaanii ykn karaa mataa isaanii yeroo jennu, Gabaabaadhumatti namni waanta Waaqayyoo hin barbaanne ykn hin jaallanne deggeruu fi hojjechuu gaafa jalqabu karaa ofii isaa duukaa bu'eera jechuudha. Warreen akkasiinkitaabni qulqulluun warra karaa cubbuu irra bu'an jedha.

Walumaa galatti dhalootni bara dhumaa kun karaa ofii isaa irra akka bu'u fi namni karaa ofii isaa irra bu'ee immoo diina Waaqayyoo waan ta'ef warreen akkasiin kitaabni qulqulluun karaa cubbuu irra akka isaan jiranii fi warri karaa cubbuu irra jiran immoo gatiin isaanii du'a akka ta'e kitaabichi inni sagalee Waaqayyoo ta'e nu barsiisa jechuudha.

1.3 Gochaa Dhaloota Bara Dhumaa

Abb Fir7:1- kaasnee yoo ilaallee Geediwoon warra Miidiyaamiin loluuf ka'uu isaa argina.

Geediwoonlola kanaaf yeroo ka'u heddumina namootaan waan lolee moo'u itti fakkaateef namoota hedduu walitti qabe. Waaqayyoo yommuus Giidewoniin, Namoonni sii wajjin jiran waan baayyataniif, warra Miidiyaan harka isaaniitti dabarsee hin kennu; yoon kenne immoo Isiraa'eloonni, "Humna keenyaan of oolchine" jedhanii ana irratti of hin jaju **Abb Fir7:2.**

Sababni guddaan Waaqayyoo warra Miidiyaamiin dabarsee harka keessanitti hin kennu jedheef qabxii muraasa waliin ha ilaallu :-

A. Namoota waaqayyoo irratti of jajanii fi ulfina waaqayyoo fudhachuu kan barbaadaniidha. Abb Fir7:2

-Yeroo baay'ee namootni ulfina Waaqayyoo fudhachuu barbaadan ni jiru. Waan hundumaa, Fknf yoo namni namaaf godhes, isa Waaqayyoo namaaf godhes, isa isaaniif ta'es anatu akkas godhe, maqaa koof akkas ta'e kan jedhan hin dhiban. Warren akkasii kun warra ulfina Waaqayyoo ofii isaaniitiif dabarfachuu barbaadan ykn ulfina Waaqayyoo fudhachu barbaadaniidha. Waaqayyoo garuu **"Ani ulfinakoo eenyuuf iyyuu dabarsee hin kennu."** jedha. Al tokko tokkoo garuu namni otuu beekuus ta'e otuu hin beekin Waaqayyoo wajjin walitti bu'a; ulfina Waaqayyoos fudhachuu barbaada.

B. Namoota sodaadhaan lapheen isaanii raafamu turan. Fir7:3

Waa'ee sodaa Kitaabni qulqulluun kutaa addaa addaa keessatti namoota addaa addaatiin, "Tasumaa hin sodaatinaa" jedhee dubbata. Fakkeenyaaf.

- I. Abbootni amantii dubbataniiru. Bau14:13 LAK21:34
- II. Raajotni dubbataniiru. Isy 10:24 Erm10:5
- III. Ergamootni dubbataniiru. HOE27:23-24
- IV. Gooftaan yesuus dubbateera. LUQ5:10

Walumaa galatti "hin sodaatin" kan jedhu kitaaba qulqulluu keessatti ala 365 irra deddeebi'amee barreeffamee jira jedhu qorattootni kitaaba qulqulluu. Waggaan

tokko guyyaa 365(6)qaba. Kanaafiyyu kiristaanotni guyyaatti hin sodaatin kan jedhu tokko qabu jechuudha.

C. Namoota waan arganiif jilbeenfatan keessumatti garaa isaanif kan jilbeenfatan turan.

Egaan namootni kun amala gurgudda kana sadan (3) qabu. Kanaaf Waaqayyo moo'icha hin laadhuf jedhe. Haa ta'u malee namoonni amala kana hunda keessaa hin qabne kan akka Waaqayyoo barbaadutti jiraatan isaanuma keessaa nama dhibba sadiitu (300) jiru.kanaaf Waaqayyo Geediwooniin “Ani saba kana gargarin siif baasa. Kanaafiyyu ati amma waanuman sitti himu raawwadhu” jedhe. Akkuma inni itti dubbate, Geediwoonis hin godhe. Waaqayyos gargar baaseef. Ergasii warri amalaa fi akkaata ani sitti hime qaban akkasuma argisiisan gara iddoo dhufaniitti haa deebi'an jedhe. **Abb Fir7:7**

Namootni akkasii kun“Lolanii mo'uuf hin taa'ani.” jedhee Waaqayyo gara manaatti isaan deebise. Baroota keenya har'aa kana keessas amalli kun baay'inaan ni argama. Bara Geedi'oon keessa dhalootni amala akkasiifi gocha akkasii qaba. Bara keenya kana keessa hoo gochaa isaan maal fakkaata dhalootni.

1.Aangoo mataa isaanitti kan amananiidha.

Macaafa Dani'eel keessatti dubbiin Waaqayyo “Beekumsi baayyachuuf akka jiru dubbata”. **Dan112:4** .Beekumsa irraa ka'un dhallii namaa aangoo gurguddaa argateera. Aangoo dhala namaaf Waaqayyoo jalqabuma Seera uumama keessatti kenneef. Haa ta'u malee akka dhalli namaa aangoo isaatti amanee Waaqa irraa galagaluuf miti. Akka Barreessan Guutuu Indaashaawuu kitaaba isaa “Ifa Kiristoosiifi hawaasa golgaa duubaa 2017/2009 keessatti barreessetti “Sanas ta'e kanas, gowwomsaadhaan seexanni waraana walitti qabatee fi dandeettii sammuu nama jira jedhamuun meeshaalee waraanaa oomishaman ni fayyadama. Kun egaa 'Nuclear' dabalatee meeshaa lolaa ammayyaa'oo dha”. Ofitti amanamummaan nama amma Waaqayyoon lolutti ga'a akka jiru kanarraa hubachuun salphaadha. Kanas Seexanaan gowwofamani hojjechaa akka jiran hin beekan.

2.Namoota sagalee waaqayyootti hin amanneefi ija jabinaan irratti dubbatan.

Guyyoota gara dhumaatti namootni sagalee waaqayyoo irraa kaataniifi ittiin morman akka ka'an Phaawulos gara warra Ximotewositti yeroo barreessu ni dubbata. Har'as bakka adda addaatti namootni dubbii Waaqayyoon morman ka'aniiru.

Isaanis: Akka Paaster Abarraa Balaayi barumsa isaani bara dhumaa fi deebi'ee dhufuu Gooftaa keenya Yesuus jedhu 2007 keessatti dubbatanitti

- Namtichi Williham Johoba jedhamu biyya Keeniyaa keessa ka'un ani Waaqa ofiin jedhe ture.
- Jim Jomsi namoota 914 ajjeesun shiftaa ta'e bosonatti galuun ani "shiftaa Yesuus" ofiin jedheera.

Ani Waaqayyoodha ofiin jechuu caala jechi ittin Waaqayyoon morman hin jiru.

1.4.Amalootaa Fi Hojii Baroota Kana Dhaloota Irraa Argaman

Akkuma bara Geedi'oon har'as namootni waaqessan baay'atu, Garuu moo'ichi akka yaadametti hin jiru. Of jajuu fi of tuulummaa kan qaban baay'inaan jiru. Amala saree kan qaban ni jiru. Namootni hedduun lapheen isaanii waan addaa addaan, Sodaa jala waan jiruuf raafamaa adeemu.**Gochaa Waaqayyo isaaniif godhe qooda Waaqayyotu godhe jedhanii galateeffatan ofi isaani ittin of jajaa jiraatu.**

Egaan dhalootni bara har'aa kun akkamitti hojii fi amalaan saree akka fakkaate amalaa fi hojii saree wajjin wal bira qabuun ha ilaallu.

Barreeffama kana keessatti namaaf sareen wal bira qabe osoo hin taane hojii namaa fi hojii sareen hojjettun wal bira qabe malee namni tasuma saree wajjiin wal bira hin qabamu. Sababni isaas waaqayyoo nama uumama hundumaa keessaa eenyuutti illee hin qixxeessu. Uumama warra kaan ta'i jedhe uume. Nama garuu ofii isaatin bira taa'e itti dadhabe hojjete. Uumama warra kaan irratti aboo kenneef.

Amala saree

Amala saree gaafa dubbannu biyyaa garaa biyyaatti garaa gara ta’u dandaa’a keessumatti akka biyya AWUROOPPAA fi AMEERIKAafaatti sareen bakka guddaa qabaachuu dandeessi. Haa ta’u garuu akka biyya keenyaatti (Itiyoophiyaa) sadarkaa sareen namoota biratti qabdu gadi bu’aa akka ta’e hundumti keenya beekna.

Akka biyya Itiyoophiyaatti amalaa fi hojii sareen qabdu keessaa muraasa

- *Waanta nyaatte hooqqistee dhoksiti. Isumammoo turtee deebistee nyaatti.
 - *Waanuma argite nyaatti, nyaata hin balfitu.
 - *Yeroo kamitti lafa raqaatii hin dhibamtu, ykn raqi ishee biraa hin dhibamu.
 - *Walii ishees ta’e nama hin saalfattu bakkeema keessatti wal quunnamtii saalaa raawwatti.
 - *Halkaniif guyyaa dammaqinaan dutuudhaan nama ishee guddiseef eegumsa addaa addaa gooti.
 - *Foolii fuuti, kanaaf warra manaafikan biroo gargar baastee beekti, akka salphaatti hin gowwoomfamtu.
 - *Yeroo raftu of gatte hin raftu.
 - *Bishaan isheen dhugde itti fayyadamuun hin dandaa’amu sababiinsaas arrabaan waan dhugduuf.
- Kanaaf bakka sareen jirtu bineensis ta’e hattuun seenee akka salphaatti waa miidhuu hin danda’u.
- Sadarkaa isheen qabdu garuukan armaan gadiiti.
1. Manakeessatti ol hin galtu balbalarra teessi
 2. Waan gaaritti nyaati hin kennamuuf lafummatti gadi darbatuuf
 3. Ga’ee ofii ishee hin qabdu, hurraa nama irraa harca’e nyaatti

Akka biyyoota gurguddootti ykn biyyoota warra adiitti amalaa fi hojiin sareen qabdu.

Biyyoota guddatan yeroo jennu kanneen akka Awuuroopaa, Ameerikaa, Eeshiyaa fi kkf keessatti saroonni bakka guddaa qabu. Mee gabaabinaan ilaalla.

- Sareen kam iyyuu kan jiraattu akkuma namaa mana keessa soofaa irraddha.
- nyaati ishee kan ganamaa qofaan doolaara (\$) 72 akka ta’e madden garaa garaa heeru.

- Akkuma dhala namaatti rifeensi dhaqna ishee ykn dabbasaan ishee eegame gaggabaabbate sirrataaf, achumaan dhaqni ishees dhiqamaaf.

Tajaajiloota isheen laattu keessa muraasni

- ❖ Akka namaatti ergaa ergatani suuqiidha waantota addaa addaa bitun tajaajila laatti.
- ❖ Akka namaattikan gaa'ela wajjiin dhaabbatan illee ni jiru. Kun garuu abaarsa guddaadha.
- ❖ Bakka foolisii bu'uudhan namoota yakka adda addaa godhani dhokatan adda baasun ni tajaajilti.
- ❖ Keessumman mana namaa dhufee yoo magaala keessa jala bade barbaaddee kan qabsiistu illee sareedha.
- ❖ Bakka meeshaan waraana adda addaa kan akka boonbii, fanjii fi waantota nama miidhan kam iyyuu awwaalamani kan jiran yoo ta'e fooli fuudhudhan bakka isaa poolisootatti mullisun tajaajilti
- ❖ Balaan garaa garaa magaala yoo mudateef, Fknf lafti socho'e yoo nama awwaale, gamoon caccabee yoo reefa namaa dhokse fooli fuudhudhaan kan bakka isaa argisiisu sareedha.
- ❖ Namoota haaraa tuuristiidhaf gara biyyaa dhufan bakka daawwatamun ta'u adda addaatti kan geessu, yoo bakka deeman sana waanti nama miidhu jiraate irra maqsuun, bakka iyyamama hin taane fi iyyamama ta'e argisiisun kan fuudhe adeemu sareedha.
- ❖ Cabbin yeroo biyya keessatti tuulamu cabbi sana akka nama qotiyyoo camaduutti lama lamaan walitti hidhani cabbi sana kan bishaan godhee akka inni dhangala'u godhu sareedha.

Egaan sareen biyyoota guddatanitti kana fakkaatti kan biyya keenya wajjin baayyee wal irraa fagaata.

1.5 Dhaloota Hojii Fi Amalaan Saree Fakkaate

1.SareenWaanta nyaatte hooqqistee dhoksiti. Isumammoo turtee deebistee nyaatti jennee ilaalleerra. Egaa dhalootni ar'aa immo akkamittiin amalli kun irraa argamaree? Egaa dhalootni bara har'aa kun akkuma saree waan nyaate deebisee baasee isuma immoo turee nyaata jechuu miti. Dhalootni bara keenyaa kun baay'ee dhaloota qaroomedha. Garuu al tokko tokko beekumsa jennee waan nuti hojjennu fuula Waaqayyoo duratti fokkisaa ta'ee argama. Innis yeroo gooftaa duukaa buune ykn amanne akkas jechuun waadaa seennee jalqabne. “Biyya lafaafi hojii isaa isa xura'aa dhiisee si duukaa bu'eera.” jennee waadaa galle. Haa ta'u malee namootni baay'een adeemsa yeroo dheeraa keessa cubbuu isa sila itti hin deebi'u jedhanii tufan deebi'anii yeroosaani keessatti argamantu baay'inaan mul'ata.

*Namootni baay'een **cubbuu raawwatanii dhiisan osoo hin taane ni kaawwatan.** Kana jechuun hojii biyya lafaa isa kaleessa Waaqayyo keessaa isaan baase sana fannisanii kaawwatan malee ni gatan miti. Kanaaf fakkeenya gaarii kan nuuf ta'u Phexiroosii fi namoota arfan (4) isaa wajjin turaniidha.

-Isaan gaafa gooftaan waame, kiyyoo fi hojii isaanii dhiisanii, Gooftaa duukaa bu'an. **Luq5:11 Mar1:16-20 Mat4:18-22.** Garuu yeroo muraasa booddee Gooftaan gaafa du'u Pheexiroos akkas jedhe. “Anigaa amma qurxummii qabuuttan deebi'a.” yeroo jedhu namootni isaa wajjin turan Toomas, Naataanaa'elii fi ilmaan Zabdewoos lamaanis. “Nus si duukaa dhaqna.” jedhanii yeroo waliin adeeman argina. **Yoh21:2-3.**

Haa ta'u malee yeroo isaan itti ofirra deebiiyan kun bu'uu hafuura qulqulluun dura kanaaf humni isaan gargaaru illee hin turre. Yeroo keenya ammaa garuu dadhabbi keenyatti kan nu gargaaru Hafuura qulqulluun yeroo hundaa nu keessa jiraata.

Namootni kun gara hojii isaanii duraaniitti haa deebi'an iyyuu malee halkan sana guutuu waan tokkollee akka hin arganne dadhabbiin isaanii akkasumaan akka ta'e achumarraa ni argina **Yoh21:3.** Amma Gooftaan gara isaanitti deebi'utti waa argachuu hin dandeenye. Gaafa Gooftaan gara isaanii dhaqe ykn deebi'ee garuu takkaa erga hojii sana jalqabani waan ta'ee hin beeknetu isaaniif ta'e. Innis

qurxummii gurguddaa duwwaa dhibba tokkoo fi shantamii sadii (153) argatan. **Yoh 21:4-11**

- Har’as namootni baay’een jireenya akkasii jiraatu. Jireenya gooftaan keessa hin jirre jiraatanii milkaa’ummaa wajjin wal hin argin hafu. Jireenyi Kiristoos Yesuus keessa jiru garu **jireenya haaraa kan hin moofofne fi yeroo hundumaa kan nama gammachiisuudha.** Jireenya Yesuus Kiristoos keessa hin jirre akkuma amma ilaalle dhamaatii qofaadha. Milkaa’inni keessa kan hin jirreedha. Jireenya akkasii kanjiraatantu baay’ata.
- Baroota keenya kana keessa keessumaa umurii dargaggummaa keessa warra jiran irratti amala Pheexiroos kanatu mul’ata.
- Sababiin gara boodatti ykn bakka kaleessa Gooftaan keessaa isa baaseetti deebi’uu isaatii Gooftaa isa jaallatuu fi isa ija irra kaawwate du’aan dhabuu isaati. Garuu Gooftaan akka du’u, deebi’ees akka du’aa ka’u itti himee ture. Pheexiroos garuu ariifatee abdii kutuu irraan kan ka’e iddoo kaleessa gooftan isa baase keessatti deebi’e. <<**Abdii kutuun mallatto mo’amuuti.**>> Gooftaan garuu isa hin dhiisne barbaacha gadi bu’e.
- Har’as namootni baay’een haala addaa addaan gooftaa biraa gara boodaatti deebi’u
 - -Kaan baradheen qormaata biiyyoolessaa 10 fi 12 kufe jechuun.
 - -Baradheen hojii dhabe jechuun.
 - -Hojjedheen milkaa’uu dadhabe jechuunii fi kkf sababa godhachuudhaan hojii fi amala biyya lafaa isa Waaqayyootti hin tolle, isa kaleessa “Dhiiseera, lammata itti hin deebi’u.” jedhee tufe deebisee jalqaba. **Kanaan namootni baay’een saree fakkaataniiru.**
- ❖ Amalaa fi hojii kana kan qaban baay’een isaanii waldaa kiristaanaa keessaa kan waaqessan, kan lallaban, kan raajan, kan faarfatanii fi ga’ee addaa addaa keessatti qooda fudhachuudhaan kan tajaajilan irratti argamuu danda’a.

Yesuus Jaalala Abbaa koo isa waaqa irraa nama hojjetutu mootummaa waaqatti gala malee, namni, yaa Gooftaa, yaa Gooftaa, naan jechuu duwwaadhan itti gala miti.

Guyyaa isa dhumaa sanatti namoonni baayyeen, Yaa Gooftaa Yaa Gooftaa nuti maqaa keetiin Raajii dubbanneerraa, Hojii aangoos maqaa keetin baayyee hojjenneerra mitii? Anaan jedhu.

Ani immoo yeroo sanattii, matumaa ani isin hin beeku, isin yaa warra hamaa hojjetanii ija koo duraa badaa !jedheen mul'inatti isaanitti hima jedhe, **Mat7:21-23**

- ✓ Ergaan siif qabu amma yeroo kana dubbistee kaatee jireenyi kee gara boodaatti kan deebi'e, amalli kun si keessatti kan argamu, waldaa kiristaanaa keessa otuu jirtuus yoo ta'e waldaa kiristaana keessaallee sababa garaa garaatiin boodatti deebitee yoo jiraatte ammaa kaasii of murteessii gara Gooftattis deebi'i. Amayyuu Gooftaan harka ballisee si eega. Inni akka namaa miti. Gatee sin dhiisu. Inni Pheexiroosiin barbaacha gara lagaatti gadi bu'e, har'as si barbaaduuf garakee dhufeera. Laphee keetti isa fudhadhuu keessumsiisi, balbala laphee kee baniifii ol galchi. Yoo isaa wajjin ta'e malee lafa yaadde ga'uu hin dandeessu. Kanaaf gara abbaa keetiitti deebi'i inni faara sitti hin baduutii. **Luq15:17-24**

2. Sareen Waanuma argite nyaatti

Amala saree keessaa inni guddaa fi beekamaan waanuma argite nyaachuusheeti. Sareen waan raqa jedhamu, du'ee guyyaa heddu turee foolii addaa yoo kenne illee isheen fooliisa namoota warra kaanitti xiraa'u sana fooli fuudhuudhaan nyaachuun beekamti.

Waanuma argite uuruu ka'aa, itti goraa waan adeemtuuf yeroo hunda uuruun(afaan) ishee xura'aadha.

Dhaloota har'aa kanarraa baay'inaan kan mul'atu kanadha. Innis dhalootni waa balfuu dhiiseera. Wanta foolin isaa xiraa'u irra dhaabbata, waan

hundumaa quba ka'aas adeema, kun na hin hafin jedha. Akkas jechuun, otuu Gooftaa wajjin adeemuu gara biyya lafaa fi hojii isaa isa xuraa'aa, isa Gooftaatti hin tolle sana ilaalaa, jiraachaas adeema. Dhalootni ammaa baay'een keessumaa shamarran uuruu isaaniihalluu addaaaddaan akka saree bakka qalma horii ooltee fakkeessanii adeemu. Sareen bakka qalma horii oolte kan isheen ittiin beekamtu dhiigatu uuruu ishee balleessee jira. Sababni isaas bakka qalma horiittikan argamu dhiiga dhangala'ee waan ta'ef. **Nuti leenca irra argamne malee, sanyii saree miti.** Sanyiin leencaa immo leenca. Kanaaf nuti sanyii leencaati. **Mul5:5** Leenci amala isaa keessatti ofiin du'ii ykn wanta ofiin du'e hin nyaatu. Hammam yoo beela'e iyyuu wanta ofii isaatii qabate malee tasa ofiin du'i nyaatee hin beeku; hin nyaatus.

Kanaaf har'as dhaloota nanaa eenyuun akka taate, kan eenyu immo akka taate beeki. Sanyii gootaa, sanyii leencaa ta'uu kee of yaadadhu. Abbaan kee mootii waaqaaf lafaati, kanaaf ati ilma mootii waaqaaf lafaati. Ilmi mootii immoobakka isaaf hin barbaachifne kosii irra hin dhaabbatu, wanta isaaf hin barbaachisne nyaata akkasumaanii hin nyaatu hin suufus. Daani'el garuu nyaata mootichi nyaatuu fi dhugaatii inni dhugu soorachuudhaan akka of hin xureessineef garaa murate; kanaaf of xureessuu kana keessaa ooluudhaaf angaficha warra hojjetootaa sana in kadhate. **Dan1:8** Ati akkasitti iddoo waaqatti hin tolle keessa jiraachuunkee fedha waaqayyoo miti.

Of murteessuu Daani'el irraan kan ka'e Waaqayyoo seera uumama jijjiiree wajjin jiraachu isaa mulliseera. **Dan6:16-22.** Kana qofaa osoo hin taane, Daani'el biyyaa itti gurgurame keessatti ofiis mo'ee, Waaqayyoo isaas moosiseera. **Dan6:26-28.**

Har'aa kaasii garaakee muradhuu. Waaqaaf adda ba'uuf of murteessi ofii kee irratti murtoo akkas jedhu fudhadhu. Ani kana booda dhuunfaa Waaqayyoon ta'a, waan addaa addaa quba ka'aa hin adeemu, waan gooftaatti hin tolleen of hin xureessu jedhii of murteessi. Nama of murteesseef Waaqayyoo murteesse hojjeta. Akka dinqii fi ajaa'ibsiisatti

jiraachu ni barbaadda ? Wanti ati hojjettu hundumtu akka wal siif qixxaatu ni hawwita? Murtoo Daani’el qabaadhu.

3.Warra Jilbeenfatani Bishaan Dhugan.

Macaafa Abbota Firdi 7:5 irratti Waaqayyo Geediwoniin akkas jedhe, “Nama**akka sareetti**arraba isaan bishaan dhuguu fi jilbeenfatee dhugu adda naaf baasi” jedhe. Iddoo kana irratti namotni baay’een jilbeenfatani arrabaan akka dhugan argina. Warren akkasii kana Waaqayyo “of biraa deebisi lolaaf hin taa’anii” jedhe. Sababni isaa jarri amma bishaan dhuuguudhaaf jilbeenfatan kun eger/booda immo warra miidiyaaniif akka jilbeenfatan dursee waan beekuuf Waaqayyo “of biraa deebisi” jedhe.

Baroota keenya kana keessa dhalootni waa heedduf jilbeenfataa adeema. Kaan sobaaf, kaan ejjaaf, kaan buddeeniiif, kaan matta’aaf, kaan teekinoloojii barichaa fi kkf, otuu beekus ta’e otuu hin beekin jilbeenfachaafii baranni itti jiruudha. Keessumatti baroota kana dhalootni kaninni caalmaatti jilbenfachaafii jiru ejja, matta’aa fi teekinoloojii barichaa akka ta’e ifaatti ni mul’ata. Waa’ee ejjaafi teekinoloojii mata duree itti aanu keessatti waliin ilaalla garuu osoon hin dubbatin kanin hin darbine waa’ee matta’aati. Bara ammaa kana keessa namootni baay’een matta’aa akka hojiitti ykn akka waan waaqayyoo itti walii galeetti fudhatanii waan jiran natti fakkaata.

Matta’aa jechun hiiki isaa gabaabumatti, wanta seeraan ala ta’e tokko namaaf godhanii faayidaa ofiif hin malle argachudha.

Inni kennes inni fudhates adaba cubbuu jala akka jiran beekamaadha. Namootni hojii waaqayyootti hin tolle kana kan hojjetan baay’een isaanii amantoota waldaa kiristaanaa fi tajaajilaa kan jiranidha. Osooma beekuu garuu namni hojii argachuuf, mana bitachuuf, hojii gara hojiitti darbuufmatta’aa guyyaa gara guyyaatti kennaa oola, fudhataa oolas. Kun immo barri keenya fi dhalootni keenya akka abaaramu godhe. Hojjennee gatii dafqa keenyaa akka dhabnu godheera.

Wanti baay'ee nama ajaa'ibu yeroo keenya ammaa kana keessa matta'aan waajjira mootummaa keessa qofaa osoo hin taane waldaa kiristaanaa keessa illee karaa hin beekamneen seenee jira. Yeroo ammaa namni tajaajilu harki caalaan isaa nama bulchaa waldichaatti dhiyaatee fi fira isaa ta'eedha. Tajaajila waldaa keessatti godhamu illee kan akka lallaba fi farfannatii kaasee amma nama keessumsiiisuu irratti illee amma firoota isaanii yeroosan ittin ka'an ballinan ni mul'ata. Kana duwwaallee miti, Tajaajiltooti illee tajaajila adda addaa kan ergan fira isaani ykn hiriyya isaani kan wajjin nyaatani dhugaan qofaadha. Barri kun bara dibati iddoo dhabee wanti hunduma walitti siqeenyan ta'edha. Yeroo tokko tokko tajaajiltootni akkas otuu jedhanii ni argama. Innis "Yoon tajaajila akkasii si qabsiise atimmoo maal naf goota? Waldaa keessanitti na waamsiftaa? ykn immo koonfiransi isa akkasii na fuutee ni dhaqxaa" jechuun yeroo dubbatan ni dhageenya. Akkas jechuun karaa bira gaafa ilaallu *hafuura waaqayyoon geggeeffamanii tajaajilun hafe namni dugda walii baasuf tajaajilaa jira jechuudha*. Karaa biraa immoo kun gubboo kennu wajjin tokkuma. Kun immo dhumni isa akkam akka ta'e macaafni qulqullun sirritti dubbata.

Phexroos garuu deebiseefi, "Kennaan waaqayyoo horiidhaan in bitama jettee waan yaaddeef horiin kee sii wajjiin haa badu ! ..." **HOE8:18-24**

Sababii kanaaf tajaajilli namoota baayyee ija dhabeessa ta'eera. Ija dhabeessa ta'u qofaa osoo hin taanee namootni baayyeen tajaajilaf dhaqani itti miidhamani argamu. **Sababiin isaas waltajjii Waaqayyoo isaan hin dhaabne irra waan dhaabbatanif** kufaatii hamaa kufanii galuu. Ofii miidhamuu qofaa osoo hin taane amma isaaniin fayyuu irra amma isaan dogoggorsantu caala. Inni dhugaa fi inni Waaqayyoo jaallatu garuu isa kadhannee laphee keenya irra hafuurri qulqulluun kaa'edha.

Warrii dhufan kun gargar ba'uu in fidu, yaada fooni jalas of in galchu, hafuuricha of keessaa hin qaban. Isin garuu michoota koo, amantii keessan isa hundumaa caala qulqulluu irratti dhaabamaati cimaa! Hafuura ququlluudhaan geggeeffamaatii kadhadaa! **Yih15-24**

Dhimma kana ilaalchisee qorannoon waldootaa kiristaanaa adda addaa keessatti godhameen firiin argame kan armaan gadiiti.

Akka qoodama kanaatti firiin qorannichaa

1. Kenniisa tajaajilaa amantoota garaa ciibse = 24% dha.

2. Kenniisa tajaajilaa amantoota mufachiisu = 76% dha.

Akka bu'aa qorannoo kanaatti Tajaajilaan wayita ramadamu irra guddaa kan tajaajilamtoota mufachiisee ta'ee argameera. Waldaan kiristaanaa kana keessa beekun ammallee isa hojjechaa jirtu caalaatti karaa ittin rakkoo kana furtu barbaadaa Waaqayyoonis irratti kadhachuu qabdi.

4. Sareen Bakkee Keessatti Saalfii Malee Wal Quunnamtii Saala Raawwatti.

Durii jalqabdee sareen kan ittiin wal hortu abba manaa fi hadha mana kan jedhamtu hin qabdu. Yeroo baayyee saroonna warri korma baayyatani saree dhaltuu tokko duuka fiigan “**saree gaana**” jennee dubbanna. Kanaaf sareen bakkuma argitetti wal quunnamti saalaa gochaa adeemti. Dhaloonni harraawoo maal fakkaataa ?

Barrii keenya maal fakkaata jennee qorree ilaalu akka qabnu macaafa qulqulluu keessa ni dubbata.

Sanyii Yisaakor keessaa yericha kan hubatan, Isiraa'elis maal gochuun akka ta'uuf warri beekan, aantii isaanii warra ajaja isaanii jala jiran hundumaa wajjin angafoota dhibba lama (200) turan **1Sen Bar12:32**.

Yeroo amma keessa jiraannu kana keessa dhaloonni tokko tokko wallaalumaanis tahe otuu beekuu hojiin saree fakkaacha jira.

Waa'ee wal quunnamtii saalaa dhiira tokkof dubara tokko gidduutti otuu gaa'ela hin dhaabin godhamu, isa kitaabni qulqullun “ejja” jedhuu jechuudha. Dhiirri tokkoofi shamarren tokko wal jaallatanii akka sagalee Waaqayyooti adeemanii inni isaan gaa'ela godhatan fedhaa fi jaalala Waaqayyooti **Uma2:18**. Haa ta'u malee kitaabni qulqullun isa kamiin ejja jedha isa jedhu hundumti keenya iyyuu sirriitti beekna. Erga beeknee maaf dhalooti otuu beeku hojiidhan saree fakkaata? Kun gaaffii hundi keenyaa itti yaaduu qabnuudha.

Akkuman olitti sareen abba manaa fi hadha mana jettee waliin jiraachu hin beektu jedhee ibsuuf yaale, dhaloonni har'a kabaja Waaqayyoo gaa'elaaf kenne diigee ykn salphisee gadhiisitti jiraachuu barbaada, jiraachaa jiras. Kanaaf fakkeenya gaarii kannuuf ta'u kitaaba qulqulluu keessaa dubartii Samariyaati. Mee haasa isheefi gooftaa gidduutti ta'e **Wangeela Yohannis4:16-19** irra waliin ha ilaallu.

Yesuus-dhaqii abba manaake fidii kottu.

Dubartitti-lakki ya goofta ani abba manaa hin qabu.

Yesuus– “Isa Abbaa manaa hin qabu jetteen, Yesuus immoo isa abbaa manaa hin qabu jette ba'eessa dubbatte. Abboota manaa shan (5) qabda yoo turte iyyuu inni amma si wajjin jiru abbaa manaa kee miti'o. jedhe. Baroota amma keessa jiraacha jirru keessa dhaloonni waaqa goyyomsuu barbaada. Dubartin kun ani abbaa mana hin qabu jetti, garuu dhugaan jiru, kanaan dura nama afuritti heerumte hiikte, amma shanaffatti heerumtee jirti. **Waaqayyo kanaan“gaa'ela” osoo hin taane “ejja” jedha Mat19:9.**

Akkuma armaan olitti ilaalle namoonni ulfina gaa'elli qabu diiganiiru. Kessumaa rakkoon amma mul'atu diigamuu gaa'elaati. Kunis sababii namni ulfina gaa'elli qabu gadi buusef dhufe. Dhaloonni amma gaa'ela gara yeroodhaf walitti hirkachuutti deebisaniiru. Kanaaf namoonni tokko tokko haadha manaas ta'e abba mana akka nama uffata jijjiiruu jijjiirachuu barbaadu. Jijjiirratas jiru. Kun fuula Waaqayyoo duratti “ejja” jedhama. **Mat19:9**

Waluma galatti warreen bifa garaa garaatin abbaa manaas ta'e haadha manaa jijijjiiratanin maqaa akkas jedhun moggaasef; **Ejjaa gaa'ila fakkaate.** Inni biraan dargaggoota kan ilaallatu immo cal jedhanii suusii ta'eefii, keessa bahanii namas Waaqas kan hin sodaanne amma karaa irratti ejjuutti kan ga'an illee hin dhiban.

Sareen waa yaaduu ykn safuu isa jedhamu hin beektu. Kanaaf karaa irratti walgaansaa adeemti. Darbees uumamumaanis kan jiruudha. Haata'u malee, namni osoo safuu beekuu akkamitti karaa irratti waan akkasii godha?

Bal'inaan dargaggoota biratti kan mul'atu dhiirris ta'e durbi dhalatanii tilmaaman yeroo sadarkaa umurii 16-18 keessa seenan, yeroo hiriya itti baafatan ta'a. Erga hiriya baafatanii booda inni dhiiraa akkas jedha, "Anaafi ati kanaan booddee tokko, ani baay'een si jaalladha, siifan du'a kanaaf amma gaafa walfuunuutti yoo wajjin jiraatne rakkoo hin qabu. Akka wal jaallatnee hafnutti eenyummaa kee anaaf kenni yoos malee ani sinamanu." jechuun yeroonni itti gaaffi kaasuu bal'inaan argama. Jecha baay'ee erga jedhee amansiise booda durbumma ykn qarrumma ishee irraa fudhata. Erga irraa fudhatee booda "Beenu sin barbaadu." yeroonni jedhu darbe darbee mul'ata. Bakka tokko tokkotti immoo kan mul'atu shamarran tokkoof dhiirrii tokko wal jaallatani erga adeemsa jaalala jalqabanii booda durbumma qabdaa jedhee gaafata, isheen isheenyee qaba jetti yoon ilaalee malee hin amanu kanaaf si bira ga'een ilaalan namootni hedduun yeroo isaan caban ni mul'ata. Wanti hubatamu qabu garuu, namni yoon mirkaneeffadhe malee hin fuudhu jedhu, karaanni ittin osoo ofis hin xureessin ishees hin miidhin baruu danda'u jira. Innis ogeessa Gynecologist and Obstetrician (Ispeeshaalistii Gadameessaa fi Ulfaa) bira deemuun ilaalchisuun ni danda'ama.

Sagaleen waaqayyoo akkas jedha, "Ciisichi gaa'elaa qulqulla'a ha ta'u." jedha **IBR13:4**

Al tokko tokkoo carraa argadhee Yesuus Kiristoos karaa, dhugaa, jireenya akka ta'e dhuga baatiif yeroon ba'u dargaggootaaf yaada kana dhugaa nan ba'an ture. Dargaggoonni tokko tokkoo akkas jechuun yeroo naf deebisan illee argeera. "Hiriyyaa koo wajjin amma gaafan fuudhutti yoon wajjin

jiraadhe rakkoo maalii qaba? Fedhii kanaa nu keessa kan kaa'ee Waaqayyoodha.” jedhani yeroo naaf deebisani na quunnamee ture.

Anis akkas jechuunin deebisef. Akkuma ati jette, dhuguma fedhii kana Waaqayyotu nu keessa kaa'e. Waraana fakkeenya fudhannee yoo ilaalle, mootummaan tokko waraanasaa yeroo leenjisee baasu meeshaa guutuu hidhachiisee bobbaasa. Haa ta'u malee waraanni kun meeshaamti harka waan jiruuf cal jedhe yerooma itti toletti yoo dhokaase itti gaafatama. Akkasuma atis yeroo isaa malee wanta Waaqayyoo siif laate kanatti yoo fayyadamte itti gaafatamta jedheen deebisef.

Yaa dargaggeessaa dhaga'i! amma guyyaan kee ga'ee gaa'ela dhaabbattutti hiriyyaa kees ta'e nama biraa wajjin wal quunnamtii saalaa yoo goote ejja jedhama, ejjitun immoo mootumma waaqayyootti hin galtu **1Qor6:9-11**

Yaa dargaggeetti dhaga'i ! hin gowwomin, sossobamtes eenyuummakee ykn durbummaakee (ulfinakee) amma guyyaa gaafa gaa'eela keetitti hin kennin, kun cubbuudhati. Gatiin cubbu immo du'a **K Deb22:20-21**. Kanarran kan ka'edhagaa'elli namoota baayye kan jeeeqamu, namoonni tokko tokko bakkeetti jaalala waan fixaniif wal bira ga'ani ykn yeroo wal fuudhan ji'a muraasa booda wal quufutu dhufa ykn wal nuffuutu isaan gidduutti biqilaa adeema. Kaan kaan immoo erga wal fuudhanii durbummaa dhabuu irraan wal amanten giddu isaanitii waan baduuf ji'a muraasa booda wal hiikuuf mana murtii dhaabbatu. Rakkinni kun bara keenya keessa ballinaan mullata. Bara keenya qofaas miti bara abboota keenyas rakkon kun tureera. **K Deb22:13-21** ballinan dubbisi.

Dhaloonni baay'een baroota kana ejjatti kufuun saree fakkaataniiru. Bara dargagumma ketti waaqayyoon uuma kee yaadadhu **Lal12:1**.

Hubadhu, rakkoo kanaan miidhamtanii kan jirtan har'a kaasii murteessi, isa gooteef qalbii jijjiiradhu, lammata akka hin goonef ayyaana waaqayyo kadhaddhu. Ofii kee irrattis murteessi, Waaqayyo si haaressee jireenya gammachun guutes siif laata.

5. Sareen Qullaa Hin Dhokfattu.

Saree dhaltun qaami saala ishee bakkeerra akka jiru nama kam jalaa dhokata miti. Uumamumaan sareen yeroo deemu eegde ishee ol qabdee qulla ishee argisiisa adeemti. Har'as dhaloonni baay'een guddina itti fakkaate akka saree qullaa isaanii kan adeeman baay'eedha.

Warri dhiira “Raasta” jedhani surre udduu irraa gadi buusani amma cabaan ta'aa isaani mul'atutti qullaa kan adeeman hedduudha. Kaan immo faashini jechuun surree ciccita bitatani uffachun adeemu. Udduurraa gadbuuses, ciccitaa bitee ykn fayya cicciree uffates hunduu kaayyoonsaa qaama ofii qullaa isaa argisiisudha.

Wanti hojjetamuu hundumtuu hiikaa mataa isaati kan dhabee hin jiru. Waantooti nuti biyyoota keenya keessatti itti fayyadamnu baay'een isaa biyyoota guddatan keessaatti ergaa fi eenyuummaa namoota sanaa kan ibsuudha. Keessumatti uffannaan nuti faashiiniidha jennee aadaa biyyoota guddatanii irraa fudhannuu baay'een isaanii eenyuummaa namoota sana kan adda baasuudha.

Fknf. Surreen nuti warri dhiira miilla isaa jala of qabsiifnee bifaa qaara itti goone uffannuu biyyoota biroottii warreen miseensa 666 ykn illuuminanti ta'aan akka uffataan maddooti garaa garaa ni mirkaneessuu.

Ta'e iyyuu namoonni surree akkasii uffatan hundi miseensa 666 jechuu miti. Biyya keenya keessatti bifa faashiniitin kan uffatamuudha.

Warri shamarrani baayyee kan nama dhibu shamarran dur wayyaa lafa ga'u uffatu. Qullaa isaani argisiisunis leeyyoo ykn salphina. Amma garuu dhaloonni baayyen akka saree qullaa adeemu gurdii (dooluu) “miinii” jedhamu jilba gararraatti kutani uffatu. Yeroo taa'uf jedhan akka itti ta'an dhabani rakkatu; yoo ta'anis qaami isaani keessuma amma waayyan (uffati) jalaa isaani argamutti qaamni isaani argama. Kana duwwa miti surreen isaan uffatan ciccita kan sarba isaani mullisuufi yeroo qaami saala faalla isaani

arguu ejjaaf kan isa kakaasudha. “Intalli sirbaaf baate harma hin dhokfattu” jedha mammaaksi keenya.

Inni biraan bara keenya keessa faashini kan fakkaatu osoo beekanis ta’e otuu hin beekin dhaloota qullaa kan adeemsisaa jiru jira. Innis “taayiiiti” jedhame kan uffatan, dhanna isaanitti kan qabatu amma sadarkaa uffanni jalaa isaanii bifi isaa maal akka ta’e mullisuutti kan uffataniidha. Inni biraan gurdii (dooluu) yeroo bitan illee namoonni tokko tokko haphii kan ifuu jedhani filatu. Erga filatani booda uffata jalaa malee uffatani amma sadarka qaami isaani argamutti of saaxilanii adeemu. Akkasuma akkuma raqi foolii isaan saree ofitti harkisee nyaatamu sana shamarranis dibata foolii addaa qabu dibatanii dargaggeessa ofitti arkisanii salphatu. Egaa dargaggeessis ta’e dhiirri kam yeroo arguu gara kufaati ykn gara ejjaatti ykn gara cubbuutti isa geessa.

Daawwit dubartittin osoo dhanna dhiqattu qullaa ishee waan argeef kufe.**2Sam11:2-4.** Foonni dadhabadha, afuurri dhimmaadha. Waa’ee karaa nama gufannan dhufeef kitaabni qulqullun akkas jedha, “isaaf wayyoo nama tokko gufachiisu irra dhagaan daaku morma isaatti hidhame tuujjuba galaana keessa otuu bu’e isaaf wayya ykn salphataa.” jedha.

Yaa obboleetti maalif qulla deemte obboleessa kee gufachiifta, mootumma Waaqayyoo keessa maalif of baafta? Yooma akka safuuf ta’utti uffanne maal ta’a? Atis yaa obboleessaa akka namattis Waaqattis tolutti yoo uffanne rakko maali qaba? Waaqayyo qullaa deemu nama hin barbadu kanaaf jecha gaafa Addaamifi Hewwaan qullaa ta’an, Waaqayyoo argee gogaa irra uffata tolchee itti uffise” jedha kitaabni qulqullun. **Uma3:21.**

Jalqabuma namni cubbuutti kufee yeroo qullaa isaa ta’e qullaa adeemun gaari akka hin taane, leeyyo akka ta’e waan beekuf, Addaamif Hewwaan baala harbu walitti uluksisanii akka uffatan argina.**Uma3:7** Har’a garuu **qullaa adeemun qaroomina nutti fakkaate dhaloonni baay’een qulla adeemu.**

Otuu qullaa adeemu keenya waaqayyo ni barbaada ta’ee gaafa Addaamif Hewwaan qullaa ta’an dhiisa ture. Addaamifi Hewwaan qullaa ta’un leeyyaasisa akka ta’e yoo beekan illee waanti isaan ittin qullaa isaani

dhoksuuf yaalan gaafasii qaama isaani guutumma guutuutti dhoksu hin dandeenye. Akkuma bara keenya harra naannoma qaama saala isaani qofaa waan dhokse natti fakkaata. Uffannan bara kana keessuma kan shamarrani naanno qaama saala isaani qofaa kan dhoksuudha. Egaa Waaqayyo kanaaf guu tumma guutuutti qaama isaani kan dhoksu gogaa irra uffata tolcheef. Dhaloonna baay'een har'as qullaa adeemuudhaan saree fakkaatera. Wanta nama leeyyasisus akka qaroominaatti laakka'eera kitaabni qulqullun akkas jedha, "Gowwaatti karaan ofiisaa qajeellumma itti fakkaata". **Fak21:2**
Fak16:2

Dhaloota hojii fi amalan saree fakkaate mata duree jedhu jalatti dhaloonna maalin saree akka fakkaate qabxi gurgudda shan (5) ilaallera. Egaan jireenya keenya wajjin wal bira qabne ha ilaallu. Kitaabni qulqullun akkas jedha. "Ani dhaabadhen jira kan jedhu kufee akka hin argamnetti of haa eeggatu!. Jedha. **1Qor10:12** Yeroo hunduma jireenya keenya sagale Waaqayyoo wajjin wal bira qabne ilaalun dirqama kiristaanumma keenyaati.

Walumaa galatti mata duree armaan olii ilaalle keessatti jireenyi kee argameera yoo ta'e dafii yaada garaa kee geeddaradhu. Dhugaaf hafuuran qalbiikee jijjiirradhu. Cubbu kam iyyuu haa ta'u Waaqayyoo siif dhiisa, ati garuu lammata itti hin deebiyyin malee waaqayyoo waaqa haraaraf ariifatuudha, dheekkamsaf suuta kan jedhudha waan ta'ef. **Far103:8, Ba'u34:6** Yaada garaake jijjiirradhu. kitaabni qulqullun, "warri akka saree waan hunduma xureessan mootummaa Waaqayyootti hin galan" waan jedhuf. **Mul22:15**

Egaa yoo nyaattan yookiis yoo dhugdan yookis waanuma hojjetan hundumaa ulfina Waaqayyoof hojjedhaa ! warra Yihudootaatti warra Yihudoota hin taanettis yookiis waldaa kiristaanaa Waaqayyootti gufuu hin ta'inaa! Ani karaa koo waanuman hojjedhuun nama hundumaa gammachiisuu nan yaala; isaan akka fayyaniif, waan anaaf waa'ee baasu utuu hin ta'in, waan namoota baay'eedhaaf waa'ee baasu nan barbaada. 1Qor10:31-33

Namni waan godhu hundumaa ulfina Waaqayyoof gochu akka qabu dubbiin Waaqayyoo nu barsiisa. Kanaaf yeroo hundumaa waan hundumaa yeroo ilaalluu kun

ulfina Waaqayyoof ni ta'a jennee yoo ilaalle, akka Waaqayyoo nu irraa barbaadutti jiraachu dandeenya. Kana qofaas miti qabxiile shanan armaan olitti ilaallee hunda illee jaalalan, yaada qulla'aadhaan ulfina Waaqayyoo mullisu ni danda'a jennee yoo itti yaadne karaa salphaan hubachuu dandeenya.

BOQONNAA-2

GOCHAA FI AMALA WAAQAYYO DHALOOTTA IRRATTI JIBBE

Waaqayyo hojii fi amala ilmaan namootaa irratti jibbu qaba. Kitaabni qulqulluun akkas jedha, “Waaqayyoo cubbama hin jibbu, cubbuu isaan irratti jibba malee”. jedhee dubbata. Akkas jechuun Waaqayyoo yoo namni ammam cubbama ta'e iyyuu garaa ilmaan namoota jibbu akka hin qabne garuu cubbuu isaanii akka jibbu ifa godhe nu hubachiisa. Yeroo tokko tokko namoonni akkas jechuun dubbatu “

Waaqayyoo nan jaallatu, otuu na jaallata ta'e, maalif guyyaa dhumaatti ibiddaan na gubaa". jedhani yeroo dubbatan ni mul'ata. Waaqayyoo nu jibba osoo hin taane cubbuu keenya isa gara gubannaatti nu geessa nurratti jibba.

Gal6:7 irra yoo ilaalle namni waanuma facaase akka haamu dubbata. Kan nu gubu (nu miidhu) waaqa osoo hin taane hojii keenya akka ta'e hubachuu qabna. Waaqayyoo kan itti ga'isan miti'o hin gowwoominaa! Namni immoo waanuma facaase hin galfata. **Gal6:7.** Hojii nama hundumaaf murtoo dhugaa ykn qajeelaa kan kennu waaqa qofaadha. Kana jechuun hojii keenya ilaalee murtoo dhugaa lubbu keenyaaf kennuu kan danda'u Waaqayyoo qofaadha. Murtoo Waaqayyoo nuuf kennu kan jireenya mootumaasaa keessaa akka nuuf ta'utti gochaafi amala namaa kan Waaqayyoo nurratti jibbu beeknee irraa of eegachuu qabna. Kanas akka armaan gadiitti ilaalla.

2.1 Dhalli Namaa Gocha Gadhee Sareenillee Hin Dalagne Raawwachuun

2.1.1. Wal gadhoomsuudhan

Uma19:4-9 1Qor6:9-10

Uumama 19 gubbaatti kan arginu namoota biyya Sodoom gamoora, Loox garbicha Waaqayyoofi ergamoota Waaqayyoo lama (2) argina. Namni biyya sanaa walii isaani nama biraas gadhoomsun kan beekamanidha.

Wal gadhoomsun maalidha?

Dhiirri, dhiira akka isaati biroo wal quunnamti saalaan bira ga'u fi dubartiin dubartii akka ishee bira akka nama dhiira bira ga'utti bira ga'u jechuudha. Karaa biraa immoo namoonni saalaan tokko ta'an wal quunnamti saalaa raawwachuuf wal bira ga'u jechuudha. Rom1:24-27 1Qor6:9

Namoonni biyya Sodom keessa jiraatan kan isaan hojjetan seera Waaqayyoo gaa'elaaf dhaabe cabsani akka nama dubartii bira ga'utti dhiira bira ga'u. Waaqayyoo duratti kun ciiggasisaadha.

Miidhaa wal gadhoomsuu ykn soodomummaan fidu

Gocha kana miidhaan isaa maali jenne ilaalu danda'uu qabna. Sirni uumama Waaqayyoo dhala namaaf tume hundumtu fayyidaa mataa isaatii qaba. Isaan keessaa tokkoquunnamtiin saalaa godhamuun daa'imni argamu danda'u akka qabdu godhee uumama saala sfaallatiin wal quunnamtii saalaa godhan hunda badhaaseera. Soodomumman garuu kan godhamu kanaaf miti. Kanaafiyyuu namoonni gocha kana godhan otuu mana yaalaa deemani ilaalamani dhibee sammu qabu jedheen yaada. Dhibee gurguddaa inni dhala namaatti fidu keessa isaan muraasni kan armaan gadiiti.

- Dhiiraafi dhiirri yeroo wal quunnamtii saalaa waliin godhan rigatni waan dabaluu dhukkuboota daddarboo kan akka HIV fi kan biroo dhaan qabamuu danda'u Sababni isa dhangala'aan yeroo dhiirafi dhalaan wal quunnamtii godhan, dhangala'u waan hin jirreef rakkoon kun uumamu danda'a
- Inni biraan ammas rigatni yeroo keessa Bubbaatti uumamu yoo yeroo hundaa ykn deddeebin quunnamtiin kan taasifamu ta'e rigatni uumamu kun **'Injury to cell' (duddu'u seelii)** irratti fiduun seeliin gara kaanseriitti akka jijjiiramu gochuun dhukkubni **'Colorectal Cancer fi Anal Cancer'** jedhamu akka nama qabu gochuu danda'a.
- Akka qorattoonni biyya Ameerika tokko jedhanitti Namoonni gocha kana geggeessan umurii isaanii irra wagga 8-12 hir'isuu danda'a jechuun heeraniiru.

Wal Gadhoomsun Maal Irra Dhufa?

Wal Gadhoomsuun maal irraa dhufa kan jedhu qabxii muraasa ilaalu dandeenya.

- ❖ Beekamtii barbaachaf jecha namoonni keessa kan galan ni jiru. Fknf kanan dubbise irraa, dubartiin biyya Ameerikaa tokko beekamtii barbaachaf jecha mucaa dhiiraa angafaa ishee wajjiin ciistee (wal quunnamti saala goote) mucaa argatte.(Waangolii dhaloota mancaasan)

- ❖ Qabeenya barbaachaf jecha keessa kan seenan
- ❖ Dirqisiifamani gudeedamun illee kan keessa galan ni jiraatu
- ❖ Maatiin keessatti dhalatan kana ni hordofu yoo ta'e, ijoolleen isaanii akka hojii gaariittii ilaalanii itti guddachuu danda'u.
- ❖ Abdii kutanna guddaa irrann kan ka'e namni keessa gala.
- ❖ Qaroomina jechuudhan kan keessa seenan illee ni jiru
- ❖ Hiriyyaadhan gowwomfamani

Wal gadhoomsuun ykn soodomummaa inni jennu Waaqayyon dhaga'ani isaaf jiraachu dadhabu irra dhufa. Namni gaafa soda Waaqayyoo keessaa ba'u dabarfame kennama. **Rom1:28**

Mallattoole Sodomoota irraa Mullatan

Sodomummaa jechuun saala wal fakkaataa giduutti wal quunnamtii saalaa raawwachuudha jennee ilaalleerra. Mee amma immoo namoota akkasii irraati mallattoo argamu ilaalla.

Mallattoo isaani keessaa muraasni dhiirrii gurraa urachuu, (akka aadaa oromooti dhiirri yeroonni itti gurra uratu jiraachuu danda'a, aadaa oromoo keessatti warreen adamoo dhaqanii bineensa gurgudda kan akka Leencaa, Qeerrensa fi kan biro ajjeessantu gurra urata. Inni kun garuu kana miti, isa amma namoonni baayyeen faashinii fakkeessanii gochaa jiraniidha. Inni biran surree udduu irraa gadi buusani uffachuu, harka wal irra kaawwatanii adeemu ykn wal ammachuu, uffata dhedheera jilba ga'u uffachuu fa'i. Warrii dhalaan immo uffatan, kopheedhan, rifeensa mataan dhiira fakkaachuu fi kkf dha. Haa ta'u malee namonni kana godhan hundi akkas jechuu miti. Garuu akka barreessaan Zeerihun Gerbee kitaaba isaaani Waangolii dhaloota mancaasan jedhu keessatti katabanitti mallattooleen kun kansaani akka ta'e ni dubbatu. Walumaa galattii namoonni saala faallaa isaani fakkaachuudhaaf itti of harkisanii fi dhiira ta'ee amalli durbaa kan irraa argamu, durba taatee amalli dhiiraa kan irraa argamu hundi mallattoole isaani akka ta'e maddooti adda addaa ni mirkaneessuu. Kan hubatamu qabu garuu amaloota kana dhalootaan kan qaban miti.

2.1.2. Gaa’ela saala wal fakkaataa gidduutti godhamuun

A. Gaa’eela dhiira fi dhiira gidduu:

Gaa’elli dhiira fi dhiira gidduutti ta’u biyyaa keenya Itoophiyaa keessatti mullinan hin jiru yoo ta’e iyyuu biyyoota Awwurooppa fi Ameerikaa keessaatti babal’inaan diimokiraasii wajjin kan wal qabateen bal’inaan geggeeffamaa jira. Keessumaa Ameerikaa keessatti. Gaaf tokko nama biyya Ameerikaatii gara biyya keenya dhufe tokko namoota wajjin aasofsiisne turre, Haalli kun biyya Ameerikaa naanno ati jirtu akkam? Jennaan, “Waa’ee biyyaa dhiisi, waldaan keessa jiru keessa tiksee/soortuu/ lamatu jira. Inni tokko lammii biyya Ameerikaa kan ta’e tokko immo lammi biyya Itoophiyaa kan ta’edha. Dargaggootni namni lama wal fuudhu barbaanna waan ta’eef waldaarratti nu eebbisaa jedhanii gara waldaa dhufan, Gaaffii isaani kana tiksootni lamaan hin didan. Kana booda dargaggooti sun gara waajjira mootummaa deemanii ‘Mirgi keenya nuuf haa eegamu jechun iyyatan’ mootumman biyya sanaas mirga isaaniti waan ta’ef akka eebbisaniiif xalayyaa isaaniif kenne. Dargaggoonni sunis fudhatanii gara waldaa dhufanii nu eebbisuu qabdu jedhanii xalayyaa isaanii itti laatan. Tiksoota kana keessaa inni tokko ‘ani kana hin eebbisuu, iddoo aarsaa irratti qoodan kana godhu waldaa kanan gadi dhiisaa’ jedhee amantootaan, ‘Namootni kana hin deggarre na duuka kottaa’ jedhe. Tiksee inni lammii biyya sanaa ta’e garuu ni eebbise. “Ani ofii kootii tiksee isa ba’e duuka ba’een amma waldaayyuu hin qabnu; mana namaatti waaqessaa jirra” jedhe.

Biyya keenya Itoophiyaa keessatti mootumman biyya bulchaa jiru amma ammaatti waan hin heyyamaminiif mul’inatti hojjecha hin jiru. **Sichittiis heerrii biyyatti waan hin iyyaamneef ta’u hin danda’u.** heera ykn seera biyya keenya Itoophiyaa keessa yoomiyyuu waanti ciggaasisaan akka hin galleef waldaan kiristaanas cimsitee kadhachuu qabdi.

Gaa'ela dhiiraa fi dhiira gidduutti raawwatu jechuun karaa gabaabaa dhiiruma ta'ee otuu jiruu garuu akka dubartittii kan jiraatu jechuudha. Waaqayyoo dhiira tokkof dhalaa tokko akka uume kitaabni qulqulluun ifaatti mullise jira. **Uma 2:18-24.** Waaqayyoo jaraanis dhiiraa fi dhalaan horaa baay'adhaa jedhee wan isaan eebbiseef. Gaa'ela dhiiraf dhiira gidduutti raawwatu keessa wal horanii baay'achun hin jiru. Kun immo abaarsa akka ta'ee fi eebbi Waaqayyoo achi gidduu akka hin jirre dheekkamsii Waaqayyoo isaan irratti akka boba'uu hubachu qabna. **Uma19:15,24,25**

B. Gaa'ela Dhalaa Fi Dhalaa Giddu

Akkuma gararraatti dhiiraa fi dhiira gidduutti gaa'elli raawwatama jiru sana dhalaafi dhalaa gidduuttis, gee'elli raawwatamaa jira. Waaqayyoo dhalaafidhiira uume. Dhalli namaa garuu seeraa fi yaada Waaqayyoo dhiisee yaada mataa isaa duukaa bu'uun, wanta itti tole akka barbaadetti gochaa jira. Kun fuula Waaqayyoo duratti ciiggaasisaadhaa fi kan nama adabsiisu akka ta'e hundumti keenya yaadachun barbaachisaadha.

2.2. Saala Geeddarachu (Transgender)

Bara amma keessa jiraachaa jirru keessa dhalli namaa yeroo inni itti dhiira ta'ee ykn durba ta'ee dhalachuusaa itti gaabbaa jiruudha. Kanarraa kan ka'e dhiira ta'ee kan dhalate gara dhalaatti, dhalaa taatee kan dhalatte immo gara dhiiratti yeroo itti saala ofii isaanii jijjiirrachaa jiranidha. Kunis kan ta'u gargaarsa mana yaalaatin.

Kitaaba “Waangolii dhaloota mancaasan” jedhu kan Zarihun Garbee barreessan irraa mata duree kana dubbisen waan baayyee nama dhibu tokko irraa arge. Innis, *“Thomas baeti nama jedhamu nama biyya Jermanii kan ta’e dhalootaan dubartii kan turte garuu hormooni fudhachuudhan areeda bastee dhalaa irraa gara dhiiratti jijjiiramte. Garuuirra keessa jijjiiruun keessa ofii jijjiiruu hin ta’u waan ta’ef, sababa gadameessi hin jijjiiramin hafeefni ulfoofte. Kanarraa kan ka’e biyya Awurooppaa keessatti dhiira yeroo jalqabaaf ulfaa’e jedhame raajjeffatame”*.Jedha.

Bara amma keessa jiraannu kana keessa bara dhalli namaa beekumsaan baayyee fagaatee jiruudha.kun immoo mallattoo bara dhumaa keessaa isa tokkoodha. Sababiin isaas **kitaaba Daani’eel boqonnaa 12 gadi fageenyaan yoo ilaalle bara dhumaatti beekumsi akka baayyatu dubbata**. Akkuma amma argaa, dhaga’as jirru namoonni beekumsa jedhanii amma sadarkaa saala jijjiirrachuu ga’aa jiru. Kun karaa biraa hojiin Waaqayyoo sirrii miti, dogoggoreera ykn akka waan inni wallaalee akkasitti nu uumetti lakka’un, ani isa sirriisa nan godhadha jechuu natti fakkaata. Lafa Waaqayyoo dogoggoretti nuti immoo sirreessufii jechuudha.Kun matumaa hin yaadamu. “Waaqayyoo beekadha”.jedhakitaabni qulqulluun.

Dubbiin sagalee Waaqayyoo: dhalli namaa hojii harka Waaqayyoo akka ta’e dubbata. Inni ofii isaatii yoo barbaade dhalaa, yoo barbaade immo dhiira godhe nu uuma. **Erm 18:1-4 Isa29:16, 45:9-11**

2.3. Gaa’ela Namaafi Saree Gidduutti Raawwatu

Akkuman armaan olitti ibsuuf yaale Waaqayyoo namaaf namuma kenne. Gaafa Addaamiin uume sareen uumamte akka jirtu wallalee Hewaaniin uumeef miti. Dhala namaaf namni akka barbaachisu waan beekuuf Hewaaniin uumeef.

Dhalli namaa yeroo ammaa dhiirii fi dhiiri wal fuudhuu, shamarranifi shamarran wal fuudhuu bira darbee yeroonni bineensota akka saree jaldesa fi kkf wajjin itti gaa'ela dhaabbatu argaa jirra.

Gaaf tokko fuula internetaa otuun dubbisuun, mucaan durbaa tokko saree wajjin gaa'ela otuu raawwattuu suura isaani gadi dhiisan. Kun biyya **Awustiraaliya (Australia)** keessatti ture. Kitaaba qulqulluu keessatti akkas jedha.

*Adabni warra wanta hama hojjetanirra dafee waan hin geenyef garaan ilmaan namoota guutumatti hin jabaate jedha. **Lal8:11***

Kitaaba qulqulluu keessaa akka ilaalletti baroota dabran namni yeroonni seera gaa'elaa isa Waaqayyo dhaabe diige ofi isaatii yaada mata isaatii duukaa bu'e, Waaqayyoo dhagaa ibiddaa boba'uun saba sana adabaa ture. **Uma19:24-25**

Barri amma nuti keessa jirru garuu **bara Araara** waan ta'ef yeroo Waaqayyo murtiif itti ariifatu miti. Waan hundumaa Waaqayyo guyya murtiif walitti qabee kaa'e. Sababii kanaaf garaan namaa cubbuu gochuutti jabaate. Waanti hundumtuu akka iyyamametti lakka'eera. Warra akkasii sagaleen Waaqayyoo tasuma mootumma Waaqayyootti akka isaan hin galle ifa godhe lafa ka'a. **1Qor6:9-13** Waan namni hubachuu qabu inni guddan wanta gochaa jiru hundumaaf yeroonni itti gaafatamee deebi laatu akka jiru beekuu qaba.

Gal6:7-9 Mat12:30,36, 41-42

2.4. Poornoograafi (Fakkii Wal Quunnamtii Saala)

Poornoo giraafin maalidha?

Poornoogiraafi (fakkii wal quunnamti saala) jechuun namoonni saala adda addaa lama qullaa isaanii argisiisa akka hawwii fedha foon nama kakaasutti walii wajjin footo kan kahaniidha. Ergamni isaa inni olaanaan wal quunnamti saalaatiif nama kakaasudha. Kaayyoon isaas miira namaa akka inni

kakaasufiidha. Keessumaa umurii dargaggummaa keessa kan jiran yeroo fakkii kana ilaalan of qabuu akka hin dandeenyee fi battala sanatti waan kam irraa goruu hin danda'an. Sababni isaa dargaggoonni waan arganiifi dhaga'an gochatti jijjiiruuf si'aahoo waan ta'aniifidha. Haa ta'u malee **Lallabni12:1 qoricha.**

Karaa kamiin Poornoogiraafiin baballata?

1. Barruuleedhan
2. VCD/DVD dhan
3. Interneetiidhan

Irra caalaatti kan inni ittiin babalatu Harka guddaan Interneetidhan. Sababin isaas jaarra amma keessa jiraacha jirru kana keessa tajaajilli interneetaa namoota heedduu bira waan ga'uf karaa kana namoota baay'ee keessuma dargaggoota baay'ee Kan miidhaa jiruudha.

Akka seera Waaqayyootti garuu saallii faallan qullaa walii isaa ilaalun leeyyodha. Gaafa Addaami fi Hewwaan qullaa isaanii ta'an Waaqayyoo gogaa fuudhe hojjeteefii akka isaan uffatan godhe. Sababni isaas qullaa ta'uu isaanii yeroo arganitti lamaan isaanii wal saalfatanii wal baqatan, walii isaanii ilaalu waan yeella'aniif baala wal keessa ulluuqsani uffachuuf yaalan. Yaaliin mataa ofii immoo amma dhumaatti deemu waan hin dandeenyef waaqayyoo gogaa isa aduus bokkaas hin sodaanne hojjeteef.

Akkamittiin Poornoogiraafi Ittisna

1. Waa'ee wal quunnamti saalaa, gaa'elaan duraa sirrii akka hin taane kitaaba qulqulluu irraa maatin ijoollee isaa barsiisuu.
2. Miidiyaa waa'ee wal quunnamti saalaa safuu ala ta'e odeessu irraa fagaachuu, akkasumas namoota kana dhaggeeffatan illee gorsuu.
3. Tajaajiltoonni waldaa kiristaanaa waa'ee wal quunnamtii Saalaa isa sirrii amantoota, dargaggootaa fi namoota hubachiisuu fi barsiisa ga'a ta'e kennuufii. **1Tas4:4-7**
4. Interneetii irraa ijjoollen poornoogiraafi akka hin ilaalle keessaa baasne(cimsinee) gorsuu.

5. Waa'ee Jireenya baraa baraa fi badiisa baraa baraa gadii fageenyaa fi irra deddeebin dhaloota barsiisu fi namoonni ejja keessa jiran mootummaa Waaqayyoo keessaa akka qooda hin qabne waldaan kiristaanaa cimsite barsiisu.
6. Maatin yeroo hunda waa'ee ijoollee isaanii kadhataan fuula Waaqayyo duratti dhiyeessuu.

2.5. Ulfa Baasu

Ulfaa baasu jechuun maal jechuudha? Namoonni Ulfa akkamittiin baasu?

Baroota amma keessa jiraacha jirru kana keessa ulfa baasun sadarka gudda qabatee jira. Gaafan ta'ee yaadu namoonni kun hubannoo dogoggoraa keessa akka jiraniittan lakka'aa. Sababni isaas namni ulfa baase tokko lubbu tokko ajjeese jechuu waan ta'eefiidha. Qorattoonni Ameerikaa "Erga gadammeessa keessatti sanyiin kormaa fi dhalaa wal makee kaasee lubbuu ta'eera" jedhu. Haa ta'u malee namoonni ulfa baasan akka waan inni lubbu hin taanetti waan ilaalan natti fakkaata. Otuu beeku ta'ee silaa hin baasan ture. Namoonni tokko tokko garuu ulfa baasuun lubbu ajjeesu akka ta'e, namni lubbuu baase immoo mootumma Waaqayyootti akka hin gallee otuuma beekanii ija jabinaan kan hojjetan baay'inaan jiru.

Namni Maalif Ulfa Baasa?

Namoonni Waantota adda addaa sababa godhachuun ulfa baasu. Isaan keessa muraasni:-

1. Yeroo shamarran manatti ulfaa'an
2. Maatimti karoora maleedha jechuun
3. Ergan ulfaa'ee dhukkubatu narraa deemuu dide, nagaa jiraachuun barbaada jechuun. Kan nagaa namaaf laatu garuu ulfa baasu osoo hin taanee achi keessa dhaabbatani Waaqayyoon kadhachuudha. Itti dabalaan yeroo dhukkubbiin

akkasi argamu qooda ulfa baasu mana yaalaa deemuun ogeessa fayyaa haasofsiisuun furmaata ni ta'a.

4. Al tokko tokkoo firatu wal ulfeesse jechuuni fi kkf

Kun hunduu fuula waaqayyoo duratti fudhatama hin qabu. Oromoon gaafa mammaaku akkas jedha, "Tokko iyyuu hin taanee, budaan lakkuu deessee. Kan qullaa teesse irra kan ibsaa ofitti qabde" jedha. Ejjuudhan ulfaa'uun akka waan hin taaneetti, ykn immoo sababa adaba mul'ataa ofirratti hin argineef dabalataan lubbuu baasudhaan Waaqayyoon waaqa irratti gaddisiisti.

Ulfa isheen baaftes, Inni bases, inni baases wal qixa adabbii cubbuuf dhiyaata.

BOQONNAA-3

TEEKINOLOOJI

Hiika Tekinolojii:-Tekinolooji jechuun dandeettii fi oogummaa qaban bocaafi bifa itti gochuun gara hojiitti hiiku jechuudha. Yeroo ammaa kana tekinoloojiin namoota hedduu jilbeenfachiisa jira. Addunyaan nuti keessa jiraannu yeroo amma tekinolojii duukaa fiigaa jirti. Haa ta'u malee keessumaa kiristaanonni tekinolojii akkamitti akka itti fayyadaman beeku qabu. Biyya lafaa keessa waan jirruuf tekinolojii fayyadamuun dirqama namummaa keenyaati. Biyya lafaa keessa waan jirru qofaaf osoo hin taanee jalqabuma dandeetti fi oogummaa qabnu biffaa fi boca itti goone hojiitti hiiku kan nu barsiise kitaaba qulqullu irraa akka dubbatutti Waaqayyoodha. **Uma4:** kennaawwan adda addaa biyya lafaa kana gubbaatti argaman dhala namaaf kan kenne Waaqayyoodha jechuudha. Kanaaf tekinolojiiif jilbeenfachu ykn ofirratti moosisu hin qabnu. **Sababiin isaas isa nuu godhame caalaa isa**

nuuf godhe caalchisne jaallachu fi dinqisiifachu qabna waan ta'eef. Tekinooloojii ofirratti moosifnee isaaf jilbeenfanne jechuun karaa biraa hojii harka nama of irratti moosifne goofta of irratti godhanne jechuudha. Hojii harka nama of irratti gooftaa godhanne jechuun immo waaqa tolfamaf otuu hin beekin sagadaa jirra jechuudha.

*Namni, anaaf wanti hundinuu dhowwaa hin qabu jedhu jira, garuu wanti hundinuu immoo isa hin gargaaru anis, waanti hundinuu dhowwaa hin qabu nan jedha, garuu waan tokko ana irratti gooftumma hin godhatu **1Qor6:12***

Dhalootni jaarraa 21ffaa ammaa kun waan haara barbaada. Wanti haaraan immoo bu'aa tekinoooloojiitii. Kitaabni qulqulluun garuu, “Waanti haaraan hin jiruu”. Jedha. Dhugumaan wanti haaraan hin jiru. Umuriikoo keessatti waan tokkon ajaa'ibsiifadhan ture. Innis waa'ee Atileetii Abbabee Biqilaa ture, Namni akkamitti miillaan fiige konkolaata dursa kan jedhu baayyee na dhiba. Kun waanta haaraadha jedheen yaadan ture. Gaaf tokko garuu otuun macaafa qulqulluu dubbisuun wanta tokko argee nan dinqisiifadhe. ----**Eliyaas immoo wayyaa isaa sassaabbatee mudhiitti suuqqate,Ahaab dura bu'ee hamma Yizre'elitti in fiige.1Mot18:44-46**kan jedhu argeen dhuguma wanti haaran hin jiru jedheen amane. Sababni isaa Ahaab mootichii konkolaataadhaan fiiga, Eliyaas garuu miillaan fiigee isa konkolaatan fiigu dursee argame.

3.1. Bu'a Teekinooloojii

Akkuma beekamu bu'aa teekinooloojii dubbanne fixuun yeroo heddu nu fudhachu danda'a. Dhalli namaa jireenya guyya guyyaa jiraatu keessatti bu'a teekinooloojii waa hedduu argaa oola; ittis fayyadama. Bu'aa teekinooloojii keessa inni guddaan addunya ammana bal'attu fuudhee ganda tokko godhe. Namni maati isa, fira isaa wajjin gargar fagaatee jirullee yeroo ammaa kana akka salphaatti wal ilaalaa, walii wajjin akka dubbatu godheera. Kun bu'a isaa keessa isa tokkodha. Kanneen bu'a tekinoooloojii ta'an keessa muraasni isaanii moobaayilii, laabtooppii, interneetii, miidiyaa hawwaasaa, ibsaa, raadi'oo, konkolaataa, xiyyaara, dooni fi kkf waa heddu tarreessu dandeenya.

Fknf namni duraan biyya tokkoo ka'ee biyya biraa deemuf yoo jedhe guyyoota fi ji'oota hedduu kan itti fudhatu, har'a garuu bu'a teekinoloojii irraa kan ka'e sa'atii muraasa keessatti lafa yaade ga'a.

Karaa babal'ina wangeelaan illee bu'aa guddaa buusera. Yeroo ammaa akkuma beekamu miidiyaan hafuuraa hedduun banamee jira. Karaa miidiyaa kanaa namni wangeela lallabuu fi faarfatu namoota Miliiyoona hedduutti al takkaa ergaa Waaqayyoo isa keessa kaa'e dabarfachaa jira. Kun kan tahu wayita miidiyaan kun ergaa dabarsu namni kallattiima jiruun fakkeenyaaf otuu karaa deemu, mana shaaye, mana nyaata, kaafteeriya adda addaa jala taa'ee fayyadamu sagalee jireenyaa isa ta'e dubbii Waaqayyoo dhaga'e jechuudha. Kun carraa al tokkotti nama amma kana argachuu hin dandeenye teekinolojiitti fayyadamee akka salphaatti lafa taa'u taa'ee biyya lafaa guutumatti ergaa qabu dabarfachu danda'eera jechuudha. Otuu nama kana hundumaa biran ga'a jedhee akka yaadetti argachuu hin danda'u. Baasii fi yeroo hedduu baasneellee nama amma kana argachuun hin danda'amu.

Amma garuu bu'a teekinoloojii irraan kan ka'e nama bakka inni jiru hin beeknetti illee wangeela lallabuuf karaan banameera.

Kana duwwaalle miti yeroo ammaa kana gaaffi hundumaf deebi kan ta'u **googilii** dha jedhame yeroon dubbatamu ni jira. Kitaabota adda addaa, gaaffile adda addaa akka barbaannetti kan irraa argannu toora interneetii baayyetu jira. Kanaaf akkuma armaan olitti dubbadhe bu'a teekinoloojii dubbanne fixuuf yeroo heddu nu gaafachu danda'a. Jireenyi guyya guyyaatti jiraannu hundumtuu jireenya teekinoloojii waan ta'eef.

Har'a addunyaa keessaa biyyoonni teekinolojiitti sadarkaa olaanaan beekamanii itti gargaaraman hedduutu jiru. Fknf kanneen akka Chaayiina, Ameerika, Jermanii, Faransaayi, Ingilizii fi kkf. Akkaataa isaankun itti fayyadaman akkaataa nuti itti fayyadamaa jirru irraa addadha. Isaan miidhaafi bu'a isaa erga qoratani addaan baafatani booda kan irra caalatti isaan fayyadu fi biyyaa isaanii jijjiiru danda'u qofaatti fayyadamu. Inni biraan isaan waantota itti fayyadaman kana ofii isaaniitiin hojjetu, isa hojjetan kana ittis fayyadamaa gara biyya keenyaattis ta'e gara biyyoota iyyeeyyitti erguun itti gurgurani galii hedduu argatu. Biyyoonni armaan olitti maqaan isaani

heeraman kan isaan har'a akka addunyaatti dorgomtoota addaa ta'ani addunyaa kana irratti ittiin beekaman baay'een isaa bu'aa tekinoloojii akka ta'e beekamaadha.

Waluma galati tekinoloojiin bu'aa (fayida) hedduu dhala namaatif fideera. Haa ta'u malee teekinoloojin miidha hin qabuu...?. Akka itti fayyadama isaa wallaallee jennaan bu'an isaa hafee miidha isaatu caala.

3.2. Miidhaa Teekinoloojii

Aaduu ykn shukka mana keessa itti fayyadamnu akka maleetti yoo qabanne fayyidaan isa hafee nu miidha. Al tokko tokko namootni otuuma waantota adda addaaf mana keessa itti fayyadamani kan akka qullubbii muruu, raafu murmuruu, foon ittin muruufi kkf dhaf fayyadamanii osoo ittin harkuma isani muranii ni argina. Maalif isaan mure yoo jennef akka maleetti qabatani itti fayyadaman. Kanaaf isa fayyidaa kennuuf dhiisee isaanin miidhe.

Fkn tokko itti daballee ha ilaalluu, ibsa ykn elektirikiin mana keessa jiru bu'a teekinoloojii keessa isa tokkoodha. Waa baayyefis nu gargaara. Yeroo ifasa itti fayyadamnu, yeroo ittin bilcheeffannu namatti tola baay'ees nama gammachiisa. Garuu shiboo ibsa qabu kana bakka laastikin isaa irraa luqa'e jiru harkan yoo qabanne battaluma sana nu miidha, nu ajjeesus danda'a. Namichii yeroo jalqabaatif ibsaa nuti har'a waa hedduuf itti fayyadamaa jirru kana nuuf gumaachee Jaamsi Waati dukkana nurraa fageesse ofii isa garuu otuu hin argiin addunyaa kana irraa balaama ibsaan yeroosuma akka boqotee beekamaadha. Teekinoloojii akka malee yoo iitti fayyadamne lubbu keenya balleessu waan danda'uuf hubachuu qabna jechuudha.

3.3. Teekinoloojiin Akkamitti Nama Miidha...?

Biyyaa lafaa kana irraa waanti nama fayyadu hundumtu nama miidhu danda'a. Teekinooloojiidhan, nuti ofiima keenya ittin of miidhu dandeenya, namni biraanis teekinoloojii fayyadamee ittin nu miidhu danda'a. Kana beeku qabna. Keessumaa yeroo ammaa kana biyyoonni gurguddoon meeshaalee

kannen akka calaqqee(Cararii), meeshaa waraana niiwu-kilaar boombii fi kkf hojjechuudhan ittin wal sodaachisaa jiru.

Interneeti

Interneetiin bu’a teekinoolooji keessa isa tokkoodha. Miidha interneetin nu miidhuwoo mee ha ilaallu. Miidha interneeti keessa inni guddaa fi olaanan tokko yeroo keenya gubuudha. Yeroo tokko miidiya irraa kanin argee dargaggoonni heddun “facebook” sa’a 24 otuuma ilaalani sammun isaani kan dhukkubee mana yaalaa ciisanii wallaanamaa akka turan taatee biyya Ameerikaa eeruun miidiyaa biyyaa keessan dubbatame ture.

Miidhaan isaa inni biraan yeroo baay’ee namoonni keessumaa dargaggoonni fayidaa adda addaaf jecha yeroo dheeraa interneetii fayyadamu. Fknf odeeffannoo adda addaa irra argachuf, bashananaf, barnoota adda addaa irra ilaaluuf, farfanna adda addaa irraa ilaalu fi kkf hedduminaan interneetii fayyadamu. Kun immo dargaggoonni waantota armaan gadiif yeroo akka dhaban godheera.

1. Sagalee Waaqayyoo dubbisuuf
2. kadhannaadhaf
3. Hariiroo jireenya maatii isaaniif
4. Namoonni barumsa adda addaa argachuf kitaaba adda addaa akka hin dubbisne godhe.

Akkamitti nu miidha

Dargaggoota tokko tokko dhimma kana irratti aasofsiisen ture. Interneetiin nama akka miidhu baayyen isaani natti himaniiru. Haa ta’u malee namootan gaggaafadhe irraa waa tokko hubadheera. Innis namoonni baay’een miidhaa akka qabu otuuma beekani akka ilaalan akkasuma namoonni tokko tokkoo immoo yeroo xinnoofin ilaala jechuun interneetii banatani ilaalu jalqabu. Haa ta’u malee otuu hin beekin yeroo hedduuf fayyadamu. Wanti baay’ee nama dhibu namootni interneeti yeroo fayyadamuu jalqaban waan hojjechaa jiranis,

waan hojjechuuf jedhanis ni hirraanfatu. Yeroo ilaaluuf jedhan hirribi baay'ee isaan qabaa jira yoo ta'elleen dagatu.

Gaaf tokko mucaa umuriidhaan hiriyyaakoo naaf taatu shamarre tokkotu akkas nan jette, "Yeroon isaa ganama ture, ciree obboleetti koof kennudhaaf jedhen ergan qopheesse booda akkan obboleetti koof qopheesse hiranfadhen isan qopheessee geessaafi jiru ofii kootii nyaachuu jalqabe. Ergan nyaachuu jalqabee obboleettinkoo harka dhiqattee, teesseena eegdee dadhabdee gaafa isheen na waamtu na'een dhaqee biddeen irra buuse kenneefi. Kun otuun facebook fayyadamuu taatee narra ga'eedha." nan jette.

Inni biraan interneeti humnaan ol yoo fayyadamne fayyumma keenya irratti illee dhiibba gudda fida. Akka lakkoobsa Addunyaati bara 2017 biyya Ameerikaa keessatti mucaan durbaa tokko interneetii galgala baay'inaan fayyadamti, guyyaa immo bakka hojii isheetti komputera fayyadamti. Gaaf tokko akkuma amaleeffatte fayyadamaa turtee rafte. Kan nama gaddisiisu ganama gaafa kaatu ijishee tokkoo jaame akka bule miidiya mootummaa OBN irratti akka darbe ni yaadatama.

Namoota bay'inaan interneetii fayyadaman keessaa ani isa tokkon ture. Guyyaa tokko akkas ta'e. Yeroon isaa galagala waan tureef xinnooma ishee ilaalen rafa jedhen fuula facebook kooti banadhe ilaalu jalqabe. osooman ilaalu yeroon halkan keessa 8:00 Pm ta'e. Gaafan yeroo ilaalu nan na'e. Isa booda nan rafa jedhen mobaayilii koo cufeen xiqoo rafe. Anuma sa'a 1 rafuu qaaciliin mobaayilii kooti 9:00 pm ti iyyitee na kaafta. Achii booda ka'een mobbaayiliikoo fuudheen qaacilii isaa cufe. Yeroon sun yeroo kadhataakoo waan ta'ef, kadhachuuf gaafan jilbeenfadhu hirribi waan natti ulfaateef kadhachuun dadhabe. Jilbeenfadheen waanin jedhu hin beeku muguuttin ka'e. Isaan booda deebi'e ciiseen mobaayiliikoo fuudhe yeroo ilaallaan daqiiqa 10 iyyuu hin jilbeenfanne. Achumaan namootan sila wajjin aasa'aa oole mal naa deebisan laata, turmee ilaaleen rafaatii ofiin jedheen ammas fuula fb kooti banee ilaalu jalqabe. Isa sila hirribaaf kadhachu dadhabe amma garuu hirribi akkanni jiru iyyuu hiraanfadhara. Otuuman ilaalu lafti bari'ee. Ganama ka'ii ciree nyaadhu jedhani, anis ka'een cireekoo nyaadhe.

Yeroo sana godina addaa naannowwa Finfinne bakka kattaa jedhamtun jiran ture. Kanin bira jiru obboleessa abbakootiiti. Obboleessi abba (Wasiilli) koo kun akkas nan jedhe, “Kottu wajjin gara ‘**AGAMSAA**’ bakka amma ‘**MARKAATOO**’ Jedhamuun beekamu ‘Oromiyaa international bank’ dhimmaaf deemna.” nan jedhe. Gara sanatti imala jalqabne. Ani taaksii keessa yeroon taa’u of irratti mugaan adeeman ture.

Waaqayyo nama hin gatu silaa gaafa nama gargaaruuf ka’u dadhabina namaa osoo hin funaanin nama gargaara. Gaafuma achi geenyu ibsan badee jenereeterri isaanis hojjechuu didenaan hojii dhiisani ta’ani ibsa eega jiru. Dhimma nuti dhanneef immo dhimma bal’aa manaajeera (geggeessaa) wajjin aasa’u waan ta’ef inni ol galee, animmo barcuma maamiltoonni irra ta’anii darabee eeggatan irra gadii ciisen rafuu jalqabe. Yeroo dheeraadhaaf aasahaa turanii gaafa dhufu ani rafaan jira. Na kaase “Maal taate?” jedhee natti kolfe. Egaa maalin himadharee, waanin jedhu dhabeen cal jedheeman ofitti qaana’e dhiise. Isa booda ijikoo lafa argee adeemu jalqabe.

Akkumakoo yoona gosoota interneetii adda addaa ilaalurraan kan ka’e hirribas dhabani, kadhatas dhiisani, yeroo isaani, fayyummaa isaani illee miidhaa kan jiran hin dhiban jedheen mudannookoo kana isiniif qoode. Anis ergasii dogoggora koo kana irraa baradhee lammata deebisee dogoggora akkasiitti hin deebine. isinis dogoggora akkasii keessa kan jirtan kana booddee dogoggora akkasi akka isin hin dogoggorre nan abdadha. Akka isin waa irra barattanis nan amana.

2.4. Kufaatii Guddina fakkaate

Namoota hedduu wantoti isaan teekinoloojiidha jedhanii itti fayyadaman guddina fakkeessee otuu isaan hin argin kufaatii hamaa kuffiseera. Sababni isaa akkaataa itti fayyadamnuu fi maalif akka itti fayyadamnu hin beeknu taanaan wanti nuti itti fayyadamaa jiru fayidaa isaa irra miidhaa isaatu caalee argama.

Kufaatii guddina fakkaate maali ?

1. Kitaabni Qulqulluun Baroota Keenyatti Hin hojjetu Jechuu.

Gaaf-tokko barruu “Kitaabni qulqulluun bara keenyatti ni hojjetaa” jedhu tokko otuun dubbisu jechaa dooktarri tokko jedhe baay’ee na dhibe. Innis, “Qajeelfama argachuuf kitaaba qulqulluutti fayyadamuunfi barumsa keemistirii barsiisuuf kitaaba bara 1920n keessaa qophaa’e ilaaluu wajjiin tokko”jedhee dubbateera.

Addunyaa odeeffannoon akka gaariitti itti argamuu fi tekinoooloojiitiin sadarkaa guddaa irra ga’e kana keessatti kitaabni Qulqulluun nuuf hin hojjetu kan jedhan ni jiru.

Kitaabni qulqulluun garuu akkas jedha, ***Caaffanni qulqullaa’aan hundinuu geggeessaa hafuura waaqayyootin caafame; barsiisuuf, qajeelchuuf,qajeellummaattis leenjisuudhaaf dhimma in baasa. 2Xim3:16***

Kanaaf kitaabni qulqulluun sagalee Waaqayyooti. Sagaleen Waaqayyoo immoo bara baraan jiraata, humna hojjetus of keessaa qaba.Lafa hundeen ishee galaana irra dhaabbatte kana, samii utubaa malee of danda’ee rarra’ee dhaabbatu kanaa fi uumama hundumaa namarraan kanhafe Waaqayyoo sagalee isaan uumee.Nama immoo harka isaan bira taa’ee biyyoo irraa tolche. **Uma2:7**

Kanaaf sagaleen Waaqayyoo yookan kitaabni qulqulluun qajeelcha addunyaa kanaa kan eenyu illee jijjiiruu, itti dabaluu fi irraa hir’isuu hin dandeenye, kan of danda’ee fi humna hojjetu of keessa qabuudha. Hanga har’aatti kan hin jijjiiramne kitaaba qulqulluu qofaadha. Kitaabni qulqulluun koompaasii jireenya dhala namaati.

- 2. Seera Waaqayyoo Dhaabe Cabsanii Yaada mataa ofii duukka bu’u:**
Boqonnaa darbe keessatti akkuma ilaallee dhalli namaa guddina, faashiiniidha ykn teekinoooloojii dha jechuun seera Waaqaayyoo jabeessee dhaabe illee cabsee akka garaa isaatitti jiraacha yeroonni jiruudha. Innis seera Waaqayyoo gaa’eelaf dhaabe diiganii dhiirri dhiira akka isaatii, dhalan dhaltu akka isheeti, wajjiin gaa’ela yeroo itti dhaabacha jiraniidha. Inni biraan Saalaa geeddarachuudha, dhiira kan ture gara dhalaatti, dhalaa

kan turte gara dhiiratti of jijjiirudha. Kun Waaqayyoon mormuudha. “Warrii Waaqayyoo wajjiin wallaansoo wal qaban immoo isaan ni hurraa’uu.” Jedha kitaabni qulqulluun.

3. **Akka malee waaqa irratti dubbachuu:**Gooftaan keenya Yesuus Kiristoos gaafa dubbatu akkas jedha; “Wanta garaa keessa guute afaanni baasee dubbata” jedha. Yeroo tokko tokkoo dubbannaan keenya Waaqa wajjiin kan walitti nu buusu ta’a. Gaaf tokko waa’ee Goofa keenya Yesuus Kiristoos otuu namatti dhugaa baanu akkas nun jedhe; “Yesuusumti isin jettan kun eessa jira?. Amma kan addunyaa walitti naqee jeeqe iyyuu tokko isa” jedhe. Inni illee hin beeku iyyuu ta’uu danda’a. Garuu kan nama dhibu, namootumti waa’ee Kiristoos beekan guddina itti fakkaachuun yeroo isaan jechoota garaa garaa dubbatan ille ni jira. “Ofii isaayyu hin oolchine maal na oolcha, otuu waaqa ta’e ofii isaa oolcha turee.” jechuun dhalootni baayyeen miidhamaniiru.

Akka Adduunyaattii dhaloota waaqayyorratti garmalee dubbatanii adabaman fuula interneetaa Raajii Mitikkuu jedhu irra kanan dubbise muraasa isiniif qooda;

- Dubarttiin biyya Biraaziil Jeenaaloo jedhamtu sirbituu beekamtun; sirbitee baayyee dinqisiifatamte jennaan akkam jedhanii gaafa waliin dubbii godhaniif, “Ani har’a Yesuus caala dinqisiifatameera.”jettee waltajjii sirbaa sana irraa gadi buute namoota haloo wal qabatani jiran gidduu seenuun rasaasa ja’aan (6) rukutamtee duute.
- Tukaandoo Neevis namichi jedhamu tokko pirezidaanttummaaf Periziilin dorgomee sagalee deggersa kuma dhibba shan (500000) argate darbinaan akkam gaafa jedhan, “Kana booda nama mitii Waaqayyoo iyyuu dorgomee nan moo’uu hin danda’u.”jechuun dubbate, galgaluma sana lubbuun isaa addunyaa kana irraa darbite. Namni lammaffaan iddoo isaa qabateera.
- Kazuuzaa kan jedhamtuu sigaara xuuxxee gara samiitti ol aarsitee, “Ani kanan xuuxe, atimmoo kana xuuxi situ kanaan mormaa.”Jettee Waaqa har’absitee kaanseri Sombaan duutetti.

- Yeroo jalqabaatif namichi Taankii hojjete Yeerterev namni jedhamu taanki 1ffaa fi 2ffaa dhukkaasee, “Isa sadaffaa jala nama mitii waaqni iyyuu jala hin dhaabbatu”. jechuun isa 3ffaa gaafa dhukkasu itti deebiye isuma ajjeesera.
- Gaaf tokko Waaqayyoo dubartii biyya Biraazil tokkotti Dr Biil Giraamin ergee isaan akkas ittiin jedhan, “Ati gooftaa fudhachuu qabdaa” ittiin jennan, “Anatu goofta fudhatamoo gooftatu anaan fudhata? Waangoonni boolla qabu sinbirroonni mannee qabu ilmi namaa garuu lafa mataa isaa itti hirkifatu hin qabu. Kanaaf kottu dubartittiin Soorettin tokko mana kilaasi tokko siif laatti jedhii itti naaf himi”. jettee galgaluma sana dhukkuba sukkaaran siree ishee irratti duute bulteetti.

Yommuu dubbiin baayyatu cubbuun hin hafu, namni arraba isaa eeggatu garuu hubataa dha. Fakl0:19

Akkuma oromoon mammaaksa isaa keessatti akkas jedhee dubbatu, “Afaanii ba’ee gooftaa namaa ta’a”. Dhaloota baay’eeitiis kufaatiin guddina itti fakkaatee nu jala miidhaa jira. Luq23:39-43

4. Safuu, Aadaa fi Duudhaa Gaggaarii Hawaasni Ittiin Beekamu Jibbuu:

Hawaasni tokko safuu, Aadaa fi Duudhaa mataa isaati qaba. Isaan kunis eenyumma saba sanaa kan ibsaniidha. Keessattu safuu aadaa fi duudhaan gaggaarii addunyaan irraa fudhatte hedduu sabni qabu tokko uummata Oromooti. Sabni Oromoo walii isaas ta’e saba biraa gidduutti kan ittiin jiraatu gochaalee babbareedo qaba. Isaan keessa muraasni, abbaa fi haadha kabajuu, angafa ofii kabaju, guddifachaa, sirna Diimokiraasii, safuu uffannaa, safuu fuudhaaf heeruma, fi kkf dha.

Bara keenya ammaa kana safuu, aadaa fi duudha gaggaarin abbooti keenya qabaniif addunyaaf illee gumaacha gati jabeessa godhani kennan nuti daganneerra. Dur osoo maanguddoon dhaabbatani dargaggootni hin ta’aan. Har’a nu gidduudha safuun wal kabajuu, safuun fuudhaaf heerumaa, safuun uffannaa fi kkf dhalootni jibbee akka aadaa booddeti

hafaatti fudhateera. Kitaabni qulqulluun wantota armaan olitti caqasaman kana namni raawwate eebba lafarraatin akka eebbifamu ni dubbata.

5. Oftuulummaa:

Fak 16:18 Of Gurguddisuun badiisatti of bokoksuunis Kufaatiitti nama in geessa.

Macaafni qulqulluun Of tuulumman jalqaba kufaati akka ta'e ni dubbata. Waaqayyo waan 6 jibaa isa 7ffaa hin ciigga'aa. Of tuullummaa yeroo jalqabaaf kan fidee seexana akka ta'e beekamaadha. Seexanni of tuulu isaan maal buufate? Bu'aan inni buufate

- Iddoo jiru ykn barcumaa ulfinaa waaqayyoo isaaf kenne isa dhabsiise.
- Bakka ulfiina irraa fuudhe bakka fokkisaa fi namatti hin tolletti gadi buuse
- Waaqayyoo wajjiin diina isa godhe
- Jireenya bara baraa keessaa baase du'a bara baraa ykn Ibiddaa bara baraa isa dhaalchise.

Harras of tuulummaan kan seexanaati namni gaafa of tuulu jalqabu karaa seexana duuka akka bu'ee fi waaqayyoo wajjiin diina akka ta'e hubachuu qaba. Kana qofaas miti bu'aan of tuulummaan wantota amma gararraatti dubbanne akka ta'e baree kaayyoo isaa sirreeffachuu qaba.

Macaafa qulqulluu keessatti namoota of tuuludhan kufaati gudda kufan keessaa seenaa Mooticha Nebukanezaar ha ilaallu : Dan4:28-33

Of tuullummaa guddaan kufaati guddaa fida. Mootin kun yeroo hunduma mootummaasa fi aangoo isaa ilaale ittin of kan jejuudha akka waan ofii isaatii godhatee. Haa ta'u malee waaqayyoo yeroo adda addaatti itti dubbate ture inni garuu ittuma of saaduu ykn of tuuluu isaa ittuma fufe. Waaqayyoos isa adabee

Sababni guddaan Waaqayyo Nebukanezaarin adabeef, Eenyuu isa irratti akka moo'u wallaalu isaati, Isa darbee jaban akka hin jirree, isa darbee mootin akka hin jirree fi isa darbee Waaqni akka hin jirretti of ilaalu isaati. Waaqayyoos kaninni adabeef inni guddaan Waaqummaa

isaa fi eenyuummaa isaa itti argisiisuf Sammuu dhala namaa isa yaadu keessa fuudhe, tarree namaa keessa isa baase, toora saawwaa keessaa isa galchee saawwaa wajjiin marga isa dheechise.

Of tuulumman ykn ammanan ga'aan kuno akka saawwa marga nama dheechisa. Waaqayyoo nu haa gargaaru !.

Mooti kanarra kan nuti hubannu Namni Oftuullummaan gaafa itti dhaga'amu toora namummaa keessa akkanni ba'aa jiru nu hubachiisa. Kanaaf dhalli namaa gaafa oftuuu jalqabu Waaqa irratti of jeja jechuudha. Sababiinsas *waanta nuti ittiin of saadnu tarii bifa bareeda qabaachuu keenya ta'a , qabeenyaa, rifeensa mataa luuccaa fi dhedheera ta'un qeensa qubafi miillaa , Aangoo, fi dandeettii gaggaarii qabaachu keenyan ta'u danda'a. haa ta'u malee kana hunduma ofii keenyan arganne osoo hin taane Waaqayyootu nu badhaase.* Waaqayyoo immoo akka nuti ittiin of saannuuf ykn of tuulluuf osoo hin tahin akka nuti ittiin isaaf hojjennuufidha.

Waluma galatti warraa of tuulan kan adabu Waaqayyoodha !.

Erm50:31-32 Ati of tuultuu nana barri ani si adabu waan ga'eef kunoo ani waaqayyo gooftaan macca si irratti nan ka'a.

Isheen of tuultuun kun gufattee hin kufti, namni ishee kaasuu garuu hin jiru, ani mandaroota isheetti ibidda nan naqa innis wanta naannoo ishee jiru hundumaa in guba jedha

6. **Dhugummaa Kitaaba qulqulluutti amanu dadhabu:**Kitaabni qulqulluun waa'ee bara dhuma ifatti ni dubbata. Guyyoota gara dhumaatti beekumsi akka baay'atu, hafuurotni hamoonni ergama isaani akka gaaritti akka hojjetanii fi mallattoon bara dhumaammo0 maal akka ta'e ifatti nu barsiisa. Haa ta'u malee dhalootni baay'een beekumsi isaanii beekumsa Waaqayyoo akka caalutti of ilaaluun “kun sobaadha” jedhaniikan hin amanne ni jiru.

Gaaf tokko namni tokko “666 fi seexanni tiyooridha”.nan jennan maal jechuudhan jedhe gaafadhe, “Bulguu warra faranjiiti, kan faranjoonni ittiin akka namni amantiin kiristaanaa sirriidha jedhee fudhatuuf ittiin nama sodaachisaniidha”.naan jedhe.

Dhugaan jiru garuu kitaabni qulqulluun jaarra 21 dura waa'ee kana dubbateera, **Mul Yoh 13:18** kana keessatti ogummaan hin barbaadama, lakkoobsi kun maqaa namaatiif waan dhaabbatuf, namni sammuu qabu lakkoobsicha lakkaa'ee bira ga'u in danda'a, lakkoobsi isaa immoo dhibba ja'aa fi jaatamii ja'a. Mul Yoh 13:11 irraa kaasne yoo ilaallee sirriitti guyyoota gara dhumaatti seexanichi mallattoo isaa kana godhatee ergama isaa akka raawwatu ni dubbata. Kanaaf kutaan amma siif laadhe kana akka dubbistuun si hafeera.

Mallattoon 666 mullachaa jiraachu

Akkuma Kitaabni qulqulluun nutti dubbate eeyyeen sirriitti mul'achaa jira. Akkaataan mul'ina isaatii dhoksaatti yoo ta'e iyyuu lakkoobsi 666 mul'achuu erga eegalee bubbukeera. Yeroo ammaa kana wanti nuti itti fayyadamnu kanneen akka moobaayilii, Tv, Raadiyoo, koompiitera, fi kkf kan isaani akka ta'e ragooleen tokko tokko ni mirkaneessu.

Fknf'Computer' jechi jedhu illee kan isaanii akka ta'e beekamaadha.

C =18

O=90

M=78

P=96

U=126

T=120

E=30

R=108

$$\Rightarrow 18+90+78+96+126+120+30+108 =666$$

Kana qofaallee miti mi'ootni faashinii fakkaatani kanneen akka qomee, tiishertii fi waantota adda addaa irratti barreeffamani ba'an illee 666 dha. Kanas kan ittiin adda baasnuu, barreefamootni bifa gabaajeedhan irratti katabamani jiru, lakkoobsi 666 kallattiiman irratti kan barreeffames ni jira, mallattoo bofa kan qabanii fi mallattoolee isaan ibsan fakkiile garaa garaa of irra kan qabutu irratti katabame jira.

‘**New York**’ jedhame qomee adda addaa irratti kan hojjetame illee kan isaani akka ta’e ragooleen adda adda ni dubbatu. Kanas kan nuti ittiin adda baafachuu ykn laakkoofne bira ga’u dandeenyuu karaa gabaaban jira.

Qubeen keenyaa hundi isaa gatii qaba Innis akka tartiiba duraa duuba qubeewwaniitti A:1, B:2, C:3,----Z:26..... yoo lakkoofne 26 ta’a.tokko tokko qubee kanaa immoo ja’a ja’aan baay’isna. Yeroo ittiin baay’ifnu tokkon tokkoo qubee kanaa kaninni nuuf fiduu gabate armaan gadii ilaali.

A=6	F=36	K=66	P=96	U=126	Z=156
B=12	G=42	L=72	Q=102	V=132	
C=18	H=48	M=78	R=108	W=138	
D=24	I=54	N=84	S=114	X=14	
E=30	J=60	O=90	T=120	Y=150	

NEW YORK

N=84

E=30

W=138

Y=150

O=90

R=108

K=66

 = 666

Bifa kanaan laakkoofnee bira ga’u ni dandeenya.

Egaan kan kitaabni qulqulluun dubbate kana nus bifa kanaan kan arginu erga, ta’e dhaloonni maaf hin amanu?

Kitaabni Qulqulluun qajeelcha jireenya dhala namaatif kan kenname, kan hin jijjiiramne, kan hin dulloomne, humna hojjetu kan of keessaa qabu

sagalee Waaqayyooti. Sagaleen Waaqayyoo immoo isa jiraata akka jirutti hafu fi waan hundumaa isa dabarsuudha.

Kufaatiin dhalootatti guddina fakkaate inni guddaa fi olaanan tokko sagalee Waaqayyooti amanu dadhubuu dhalootaati. Kun immoo jaallatani osoo hin taane hafuurichi bara dhumaa sammuu isaanii haguugee akka isaan hin hubanneef golgee akka jiru illee kitaabni qulqulluun ni dubbata.

Sagaleen Waaqayyoo, keessuma kiristaanotaan “baricha bitaa.” jedha. Kiriistaanoti maaliin baricha bitu ?Yaadi fi akeekii Waaqayyoo kiristaanotaaf qabu baricha binnee baraa ol akka jiraannuudha. Kana kiristaanonni hundii iyyuu beeku. Garuu namni rakkoo hubanna maalin baricha bituu dadhabe. Kanaaf, “Maalin binna?” gaaffii jedhu mee ha ilaalluu...

- Tarii yeroon gaaffii kana kaasu ati qabeenyan ykn qarshii dhan kan waa bitamu waan ta’ef qarshiidhaan jettee yaaduu ykn fudhachuu ni dandeessa ta’a. Garuu yaadni Waaqayyoo kanadhaa laata? Tasumaa kana miti. Yeroo tokkoof illee Waaqayyoo waa’ee qabeenyaa lubbuu caalchisee dubbatee hin beeku. Dhimmi Waaqayyoo inni guddaan dhimma lubbu keenyaati.
- Bara kakuu moofa keessatti Waaqayyoo Isiraa’eelin, “Eebba lafarraanan si eebbisa.” jedha, Sababni isaa bara sana balbala mootummaa Waaqayyoo amma Kiristoos dhalatee dhufee baneetti kan banu waan hin argaminiif eebbii Isiraa’el qabu eebba lafarraa qofaa ture.
- Bara kakuu haaraa immoo Yesuus erga dhalatee tajaajila isaa jalqabee, bantuu sii’ol Seexana harkaa fuudhe, balbala mootummaa Waaqayyoo banee, carraa namoota isatti amanu hunduumaf mootumma Waaqayyoo erga kennee garuu eebbii lafarra sun gara eebbaa waaqarraattiis jijjiirameera.

Waldaa kiristaanaa jechuun qomoo adda addaa keessaa, sanyii adda addaa fi biyya addaa addaa keessa Yesuus Kiristoosin fayyisaa lubbu isaatii godhee kan fudhate hundii yeroo walitti qabamu waldaa kiriistaanaa jedhama.

Yesuus immoo waldaa kiriistaanan: rakkinni akka jiru biyyi lafaa akka isaan jibbu, arrabsu, rakkisu, ariyatu, hin fudhanne, fi waan gaari akka biyya lafaa irraa hin eegne barsiisera.

Erga akkas ta'e 'Maaliin akka nuti biyya lafaa kana binnu barbaadaree isa jedhuuf **hubannaan, oogummaan, haxxummaa fi garraamummaan** biyya lafaa kana akka binnu fedha waaqayyooti. Fak 4:5-7

Yesuus itti dabalee, “kunoo, akka hoolota Yeeyyii gidduu dhaqaniittan isin erga, egaa akka bofa afshaala ta’aa, akka gugees garraamii ta’aa. Mat10:16

3.6 Waantota Ittiin Kiriistaanonni Biyya Lafa Ykn Bara Dhumaa Kana Moo’uu Danda’an.

karaalee 10 seexanni si qabachuuf si hordofu beekuu qabdu.

1. Galgala yeroo rafuu dhaqxu waaqayyoon galateeffachaa hin jirtu taanaan diinni kee si hordofaa jira.
2. Guyyaa guyyaan, torbaniin haa ta'u ji'ootaaf wangeela hin dubbisin turaa jirta taanaan seexanni si waliin daldala geggeessaa jira.
3. Waldaa keessa teessee bilbila kaafta, chaatii goota, whatsapp fayyadamta, suuraa of kaaft(take self) taanaan seexanni lubbuu kee faana dhahaa jira.
4. Qu'annaa M.Q gochuu fi waaqayyoo wajjin turuuf yeroo kan dhabdu yoo ta'e seexanni harka walitti siif rukutaa jira.
5. Otuu macaafa qulqulluu dubbiftuu, kadhattuu bilbilli kee yeroo sagalee waamichaa dhageessisu, dubbisuu ykn kadhachuu dhiiftee

bilbila haasa'uu itti fufta taanaan seexanni paartilee walitti siif qabaa jira.

6. Yeroo kadhattuu fi yeroo Kitaaba qulqulluu qu'attu bilbila harkatti qabatee waan "post" gooteef "comment" barreessita taanaan seexanni dibbee siif rukutaa jira, ati immoo otuu hin beekin sirbaa jirta.

7. Ganama akkuma dammaqheen Fb fayyadamta, yeroo rafuuf jettu hojii kee xumuraa watsapp fayyadamuu godhatta taanaan seexanni naannoo kee bakka jireenyaa godhateera.

8. Yeroo ati Ayyaana Yesuus kaffaltii cubbuuf taasiseen kenne dagattu, keessaa baatu seexanni waldaa keessatti si duukaa jira ykn si hordofaa jira

.9. Yeroo ati waldaa keessatti, tajaajiltoota irratti mudaa lakkaa'uu jalqabdu seexanni isa xumuraaf harka keessa si galfachaa jira.

10. Yeroo ergaawwan armaan olii kana dubbifte namoonni biroon waan seexanni isaan irratti godhu kana jalaa akka ba'aniif itti hin himne taanaan waan hamaa hojjachaa jirta.

(Madda #Wangeelli_Humna_Qaba)

Yaadni Waaqayyoo inni baay'ee guddaan baricha bitnee akka jiraannu barbaada jennee akkuma ilaaltee, baricha immoo akkamitti akka bitnu beekuun dirqama nama baricha bituu barbaaduuti. Barootni nuti keessa jirru bara dhumaa akka ta'e ragoota adda addaan wal bira qabnee erga barree amma immo kan nuti beekuu qabnu qabxiileen barbaachisoon ni jiru.

1. Sagalee Waaqayyoo Ykn kitaaba Qulqulluu Dubbisuu.

Gooftaan keenya Yesuus Kiristoos yeroo seexannii qoruudhaaf gaaffii dhiyeesseef kan inni ittin mo'ate waan biraa osoo hin taanee dubbii kitaaba qulqulluu keessatti caafamee jiruun deebi ga'aa kenneef. Mat4:3-6

Har’as wantoota biyyii lafaa nu gaafatu hundumaaf deebi kennu kan nuti dandeenyu yoo macaafa qulqulluu dubbisne qofaadha. Yeroo ammaa kana wantootni hedduun wal fakkaatani yeroo isaan dhala namaa itti wallaalchisaa jiraniidha. Kana keessa darbuuf kiristaanni Qajeelfama jireenya dhala namaa isa ta’e dubbii Waaqayyo sirritti dubbisuu fi qorachuu qaba.

Inni yommuu, “Yaa mucaa namaa ati wanta siif kenname nyaadhu macaafa maramu kana nyaadhuutii dhaqii namoota Isiraa’elitti dubbadhu! Naan jedhe. Kanaaf ani afaan koo nan bane, inni immoo macaaficha maramu akkan nyaadhuuf anaaf kennee, yaa mucaa namaa! Ati macaaficha ani amma siif kennu kana nyaadhuu garaa kee guuttadhu!” naan jedhe; ani yommuun nyaadhes afaan kootti akka dammaa in minyaa’e. His3:2-3

Barsiisaan tiiwoloojii tokko akkas jedhan, “Namni baayyee dubbisu jecha baayyee qaba, namni baayyee kadhata immo humna guddaa qaba.”

2. Otuu wal irraa hin kutin kadhachuu

Kadhannaan humna guddaa namaaf laata. Kiristaanoonnii akkuma duuka buutu kiristoos ta’an jireenya Yesuus irraa waan guddaa baratu. Innis Gooftan keenya Yesuus Kiriistoos kaninnii ittiin biyya lafaa mohate inni tokko jireenya kadhataa qabaachu isaati. Yesuus umuriinsa akkuma tajaajilaaf ga’en gara tajaajila isa kaanitti otuu hin darbin dursa guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama soorata lagachuun kadhate. Erga kadhatee booda qorumsa isaaf dhufe hundumaa mo’ate.

Namoonni tokko tokko hubanna isaan waa’ee kadhataaf qaban dogoggoradha. Kadhata jechuun yeroo lagu soorataa(tsoomaafisagadaan) yeroo fudhatanii kadhata qofa jedhanii yaadu. Garuu kadhata jechuun wal argee nuuf Waaqayyoo gidduu jiruudha. Kun immoo yeroo ciifnu, yeroo nyaannuu, yeroo deemnu, yeroo hojjennu fi yeroo kamitti iyyuu kadhachuu ni danda’ama.

Ammas wanti dagatamu hin qabne inni biraan erga kadhannee booda wantota nu quunnamaniidha. Al tokko tokko namoonnii “Ani gaafuman kadhadhun qorama, kanaaf hin kadhadhuu”.jedhani kadhata kan dhiisan ni jiru. Gooftan Iyyesuus iyyuu guyyoota afurtama guutu kadhatee erga ba’e qorame. Qorumsa erga kadhannee qoramnu kan adda isa godhu yoo jiraate ni qoramna malee, moo’ichi kanuma keenyadha. Seexanni nu lolaa malee dirree moo’ichaa nurratti hin qabaatu.

Kanaaf akkuma Gooftaan, “Qorumsatti akka hin galleef kadhadhaa.” jedhe, osoo wal irraa hin kutin kadhachuun biyya lafaafi hojii isaa isa xuraa’aa akka moonu nu godha.

3. Sagalee waaqayyoo ykn Wangeela barachuudhaan

Waaqayyoo kennaawwan adda addaawaldaa kiriistaanaf kenne. Isaan keessa tokko kennaa barsiisuuti. Namoonni kennaa kana qaban namoota warra kaan caala dhoksaan kan isaaniif ifeedha. Waaqayyoo sammuu isaani banee akka isaan amantoota dubbii isaa nyaachisaniif, barsiisaniif, hubachiisanii fi duubbicha jabeessanii barumsa sobaa irraa waldaa kiriistaanaa akka eeganiif kennaa kana waldaa kiriistaanaf kenne.

Baroota amma keessa jirru kana keessa namoonni barumsa barbaadan muraasa. Namoonni baayyeen taa’ani barachuu hin barbaadan. Karaa mana mootummaa illee leenjiin addaa addaa yeroo dhufu namoonni dursa kan isaan gaafatan ykn iyyaafatan “Durgoo qabaa” kan jedhuudha. Yoo durgoo qabaate ni leenjihu; yoo durgoo hin qabu tahe immoo namni leenjiicha irratti argamu muraasa. Yeroon taahee yaadu namnii baayyeen barnoota jibbeera jedheen tilmaama. Maalif ? Yoo jettaan fedhiin namaa baay’ee gahumsa osoo hin taanee maallaqa ta’eera. Isa leenjihu qarshii kaffalee leenjihu qaba jennaan kan barsiisan (leenjisan) irratti immoo qarshii kaffaluuf..... “Galagalchoo miilli mataa hooqe”. Isa jedhan natti fakkaata.

Waldaan kiriistaanaa illee barbaachisummaa isaa itti amantee daangaa fedhii maallaqaa fi babal’ina mootummaa Waaqayyoo adda baasuun

yeroo yeroodhan barnoota dhaloota kanaaf barbaachisan mul'ata fudhachuun dhaloota karaa Kiriistoos irraa goran deebisuun, kan karaarraa jiran immoo jajjabeessuun ergama ishee bahu qabdii.

4. **Kennaa/mul'ata Waaqayyoo nu keessa kaa'e hojiitti hiikuu**

Sagaleen Waaqayyoo namni hundumtuu kennaa addaa adda akka qabu ni dubbata. Waaqayyoo gaafa nu uume kennaa ajaahibsiisaa nuti qofti hojjechuu dandeenyu wajjiin nu uume. Haa tahu malee namoonni yeroo baay'ee kennaa addaa otuuma qabanii illee sodaadhaan, of tuffachuudhaan, yeroo kootu hin geenye jechuudhaan, guyyaa gooftaan eega jechuudhaan yeroo isaan itti harka marataniis tahan ni mullata.

Kitaaba “power of vision” ykn Humna mullata” jedhu Dr Maayelsi Munroo barreessee akka Eebbisaa Baayisaa hiiketti waa'ee nama mullata qabuu jechaanni jedhee baayye na dhibe. Innis.... **“Namni mullata qabu tokkichi namoota dadhaboo waan tokko ta'uu yookis hojjechuu hin barbaanne sagaltamii sagal ni caala” fuula 26**

Qalbeeffadhuu! Waaqayyoo kennaa si keessa kaahee kana akkati ittiin hoojettuuf sitti kenne malee lafa kaawwatu dhabee si bira kaawwachaa jira miti. Kanaaf ammaa kaasi of murteessi. Tajaajila waaqayyoo itti si barbaadetti deebi'i.

Namoonni tokko tokko akkas jechuun yeroo isaan dubbatan ni jira. “Yoon tajaajile malee mootummaa Waaqayyootti hin galuu?” jedhanii yeroo isaan tajaajila dhaaban illee ni mullata. Hin gowwomiin, gaafa ati tajaajiltu Waaqayyoo siin tajaajila. Yeroo ati akka yaada Waaqayyootti lafa inni si dhaabe ykn kennaa inni sitti laate raawwattuu Waaqayyoo immo dachaan si eebbisa; ayyaanniis itti siif dabalama. Ayyaanni siif kennamu kun immoo bara dhumaa isa hamaa kana si moosisa. Garuu ati isa sitti kenname sana hin hojjedhu jettee dhiista yoo tahe inni sirkaa iyyuu nyaatamee dhuma. Kanaaf namni gaafa yaada Waaqayyoo keessa goree tajaajilu haalotaaf baroota isa hamaa kana ni mohata.

Ammawoo siin gallee

**Bara Dhumaa Jechuun
maal jechuu akka ta'e.**

Gocha Dhaloota bara
dhumaa jechuun maal
jechuu akka ta'e

Kitaabole wabii

1. Dr Maayelsi Munroon(-). Power of Vision / Humna mul'ataa (kan jijjiire Eebbisaa Baayisaa).
2. Guutuu Indaashaawo(2017/2009) Ifa Kiriistoosifi Hawwaasa Golgaa Duuba.
3. Got question application
4. H/W fi B/saa kan turaan amma Garuu Paaster kan ta'aan Paaster Malkaamuu Haayiluu.(2008). Jireenya Gaa'ila Maati Kiristaanaa.
5. Mary Felde (-). Kakuu isa Caalu Jiraachuu (kan jijjiire Eebbisaa baayisaa).
6. Qannoo Addisuu Hundeessaa (2018). Duulaa Waaqayyoofi gubamuu seexanaa. Inxooxxoo: Finfinnee, Oromiyaa
7. Riik Waaren(2016) maxxansa 2^{ffaa}. The Purpose Driven Life/Jireenya kaayyoon hoogganamu (kan jijjiire Eebbisaa Baayisaa).
8. Wayne grudem(1994) systematic theology
9. www.google.com
10. www.healthcare.com
11. Zarihun Garbee(2016/2009). Waangolii dhaloota mancaasan. Finfinnee, Oromiyaa

Yaada

Kitaabi “GOCHA DHALOOTA BARA DHUMAA” jedhu kun kitaaba wayitaawaadha. Namni kitaaba kana dubbisu eyyantaan ykn hi’entaan keessatti of hubata. Kan of hubatemmoo of oolchee kabiroo baraaruu danda’a. barreessaan kitaabichaayyuu osooma barreessuu iddootti of arge qaba. Kanaaf kitaaba kana dubbisuudhaan barbaadnee of haa arginu; wal haa arginu; wal haa baraaruu.

B/saa Tashoomee Mul’ataa

Yeroon nuti amma keessa jirruu bara dhumaatii? Bara dhumaa jechuun maal jechuudha? Gochi dhaloota bara dhumaawoo? Sagaleen waaqayyoo barri nuti keessa jirru bara dhumaa akka ta’e nu hubachiisa. Kanas kan nuti hubachu dandeenyu milikkita Gooftaan keenya yesuus wangeela keessatti kenne irra dhaabbanne hubachuun salphaadha Mat24:3-9. “Bineensi dura argan nama hin nyaatu” akkuma jedhamu kiristaanni tokko waa’ee bara keessa jiruufi bara itti adeema jiruu dursee hubachuu qaba. Kiristaanni waa’ee bara isa keessa jiruuf isa dhufaa jiruu hubate akka salphaatti hin miidhamu. Kanas kitaabni qulqulluun dhugaa nuuf ba’a. Kitaabni kunis barri kun bara dhumaa akka ta’e, bara dhumaa jechuun maal jechuu akka ta’e fi gochi dhaloota bara dhumaa maal akka ta’e kan argisiisudha. Namni kitaaba kana dubbise gaaffiile kanaaf deebi ni kenna.

Yaada barreessichaa

Bara amma keessa jirru kana, yeroo itti namni hedduun ilaalcha ofii isaatii tiin karaa sirrii irra jira of se’aa, ilaalcha kan Waaqayyootiin garuu achi fagoo jiru kana keessatti kitaabni “GOCHA DHALOOTA BARA DHUMAA” jedhu kun jechoota hubannaa hedduu namaaf kennan akka cuunfaatti of keessatti qabatee jira. Dhalootni dubbisanii irraa haa fayyadaman jechuun barbaada”.

Dr Ittafaa Zawudee (Md)